

BOQONNAA TOKKO

QAAMA KEENYA

(Wayitii 55)

Bu'aawwan Barnoota Boqonnichaa

Gahumsa/dandeetti:- Adeemsaa fi xumura barnoota mata-duree kanaatti barattanni:-

- Maalummaa nyaataa ni beeku.
- Akaakulee, faayidaalee fi madda nyaataa tarreessu ni danda'uu..
- Fakkeenyawwan dhanglee fi nyaata madalamaa ni beeku.
- Hiika bullaa'insa nyaataa ni beeku.
- Adeemsa sirna bullaa'insa nyaataa fakkii irratti ni agarsiisu ni danda'uu.
- Faayidaa onnee fi dalagaa dhiigaa ibsu ni danda'uu.
- Karaalee/ dhibeen HIV/AIDS ittin dadaarbuu fi maloota ittisa isaanii ni beeku.
- Faayidalee gochawan farra AIDSii irratti hirmaachuu fi ogummalee jirenyaa walqunnamtii saalaa hinbarbaachsine ittisuuf gargaaran ni gabifatuu.
- Jijjiirama qaamaa yeroo saal-lammeessoo fi mul'atu ni hubatuu.
- Karoorri maatii maal akka ta'e ni ibsu.
- Barbaachisummaa karoora maatii, miidhaa ulfi hin barbaachifne fiduu fi tarkaanfii kana ittisuuf fudhatamuu qabu ni beeku.
- Ogummaalee qo'annoo saayinsawaa boqonnaa kana waliin deemaan ilaaluun hubachuu, galmeessuu, safaruu, waliin mari'achuu, yaada irraa fudhachuu dhan hojechuu, moodeela hojechuu, daataa dhaaf hiika kennuu, guduunfaa kennuu, kan ta'uu qabu himuu fi fakkeenya kennuun ibsuu agarsiisu ni danda'u.

Qabxiilee ijoo

Wanti lubbuu qabu hundi jiraachuu fi guddachuuf nyaata argachuun barbaachisaa dha. Daa' imman sadarkaa kanatti waa'ee nyaataa fi nyaata madaalamaa beekuun guddina isaanii, qaamaa fi sammuu isaaniitiif xiyyeffannaa akka kennan isaan taasisa.

Dabalataan waa'ee adeemsa bullaa'ina nyaataa, daandii ujummoo soorataa, marsaa dhiigaa fi faayidaa onnee barachuun barnoota isaanii fuulduraaf bu'uura gaarii ta'aaf. Akkasumas, waa'ee dhibee HIV/ AIDS barachuun gara-fuula durattii ofeegganno gochuu akka qaban waan isaan taasisuuf xiyyeffannoon itti kennamuu qaba. Kan biraajijiramoota sadarkaa saalfannoo irratti mul'atan dursanii beekuun uumuriin yeroo bira ga'an rifachuu fi saalfii tokko malee akka simataniif isaan gargaara. Xumura irratti waa'ee ulfa hinbarbaachifnee fi karoora maatii barachuun isaanii jirenya gara fuulduraaf ka'umsa gaarii kaa'uufi waan ta'eef gadi fageenyaan hubachiisuun barbaachisaa dha.

1.1 Qaama- Keenyaaf Nyaanni ni Barbachisa (Wayitii 10)

Gahumsa barachuu isa xiqqaa

Gahumsa/dandeetti:- Adeemsa fi xumura barnoota mata duree kanaatti baratoonni:-

- Akaakuu dhangaalee nyaataa jahan ni ibsu.
- Tokkon tokkon dhangaalaaee nyaataaf fakkeenyaa ni kennu.
- Faayidaalee tokkoon tokkoon dhangaalee nyaataa ni himu.
- Nyaanni madalamaan kan dhangaalee hundaa of keessatti qabatee ta'uu ni ibsu.
- Nyaanni madaalamaa, fakkeenyaa kennuun ni ibsu.
- Adeemsa bullaa'insa nyaataa ni ibsu.
- Maqaa qaamolee daandii ujummoo soorataa ni himu.
- Fakkiiwwan fayyadamuun daandii ujummoo soorataa keessatti karaa nyaanni ittiin deemu ni agarsiisu.

Qophii Duraa

- Mata duree kana irratti hubannaag ga'aa qabaachuuf kitaaboolee wabii sadarkaa olaanaaf qophaa'an dubbisuun hubannoo keessan cimisaadhaa.
- Chaartiwwan gosoota nyaata adda addaa qabatan qopheeffadhaa.
- Moodeela yookaan fakkii daandii ujummoo nyaataa agarsiisu qopheeffadhaa.

Mala Baruu-Barsiisuu

Barattoonni hiika nyaata akka kennani fi faayidaa nyaataa akka ibsan gaafadhaa. Itti aansuun garee xixiqqoo erga uumtaniin booda gosoota nyaataa naannoo isaaniitti argaman erga tarreessaniin booda dhangaalee nyaataa jahanitti akka ramadan taasisaa. Faayidaalee isaaniis akka ibsaniif carraa kennaafii.Qabxiilee marii isaanii dareef erga dhiheessaniin booda, chaartiwwan gosoota nyaata adda addaa qabataniin deggaramuun ibsa dabalataa kennaafi.Akkuma kanaan duraa garee adda addaatti quoduun nyaata madaalamaa fi dhibeewan sababa hanqina nyaata madaalamaa dhufuu danda'an irratti akka mari'ataan qajeelchaa.Barattoonni hundi marii keessatti si'aayinaan akka hirmaatan taasisuuf hordoffii fi deggersi keessan baayyee isaan barbaachisa. Dabalataan ogeessa/ogeetti fayyaa dareetti affeeroon ibsa dabalataa akka kennan taasisaa. Xumura irratti fakkiiwwan daa'ima nyaata madaalamaa argatee fi daa'ima nyaata madaalamaa hin arganne wal bira qabuun garaagarummaa isaanii akka hubatan taasiisaa.

Sirna bulaa'insa nyaataa dareewwan olaanaa keessatti bal'inaan barattu waan ta'eef sadarkaa kanatti bali'naan ibsuun barbaachisaa ta'uu baatus qabxiilee ijoo qabsiisuun barbaachisaa dha. Gosoota nyaataa afaan keessatti bullaa'uu jalqaban gaafachuun eegaluu fi deebii isaanii booda gosoota nyaataa fi qaama isaan keessatti bullaa'an fakkiin deggaramuun hubachiisaa.

Madaallii

- Barattoonni madda dhangaalee nyaataa tokko tokko irratti mari'achuun faayidaalee qaamaaf kennan dareef akka gabaasan taasisuun madaalaa.
- Nyaata madalamaa fi faayidaa isaa akka ibsan gaafachuun madaalaa.
- Adeemsa bulla'insa nyaataa jalqabaa hanga xumuraatti akka himaan gaafachuun madaluun hubannoo isaan argatan mirkaneeffadha.

DEEBII GILGALA 1.1

A. Deebii Gaaffile Dhugaa yookiin Soba

- | | | | |
|-----------|------------|------------|-----------|
| 1. Soba | 2. Dhugaa | 3. Dhugaa | 4. Soba |
| 5. Dhugaa | 6. Dhugaa | 7. Dhugaaa | 8. Dhugaa |
| 9. Soba | 10. Dhugaa | | |

B. Gaaffiilee filannoo

- | | | | | | | |
|-------|-------|-------|-------|-------|-------|-------|
| 11. A | 12. C | 13. D | 14. A | 15. D | 16. B | 17. C |
| 18. A | 19. B | 20. A | | | | |

C. Deebii Gaaffiilee Gaggabaaboo

21. Dhangaalee nyaataa jahan:
 - Kaarboohaayidireetii
 - Pirootiiinii
 - Coomaa fi Zayita
 - Vaayitamiinoottaa
 - Albuuda fi
 - Bishaan
22. Anniisaa kenna
23. Nyaata gartuu nyaataa arfan irraa qopha'uun dhangaalee nyaataa jahan kan of keessatti qabateedha.
24. Dimimmisa keessatti arguu dadhabuu.
25. Nyaanni afaan keenyaan nyaachuu erga jalqabnee kaasee sadarkaa adda addaatti caccabuu fi daakamuun wantoota xixiqqa qaamni keenya ofitti fudhatee itti fayyadamuu danda'utti gadi bu'uudha. Adeemsi kunis bullaa'uu nyaataa jedhama.

1.2 Marsaa Dhiigaa

(Wayitii 15)

Gahumsa barachuu isa xiqqaa

Gahumsa/dandeetti:- Adeemsaa fi xumura barnoota mata-duree kanaatti barattoonni:-

- Faayidaa dhiigaa ni ibsu.
- Dalagaa onnee ni ibsu.
- HIV dhukkuba dhiigaan daddarbu ta'uu isaa ni himu.
- Karaalee sadan HIV/AIDS ittiin daddarbu ni tarreessu.
- Maloota ittisa HIV ni ibsu.
- Faayidaa gochawwan farra HIV/AIDS keessatti hirmaachuun argamuu ni eeru.
- Gochaawwan farra HIV keessatti hirmaachuuf fedhii ni horatu.
- Ofitti amanuu, walitti dhufeenya namootaa wajjinii fi ogummaalee jireenyaa gonfachuun HIV ittisuun akka danda'amu ni ibsu.

Qophii Duraa

- Mata duree kana irratti hubannoo ga'aa qabaachuuf kitaabolee Baayoloojii sadarkaa olaanaafi qophaa'an dubbisuun hubannoo argadhaa.
- Barruulee dhibee HIV/AIDS irratti barreffaman dubbisuun hubannoo keessan cimsadhaa.
- Moodeela yokaan fakkii onnee fi chaartiiwwan adda addaa HIV/AIDS irratti qophaa'an qopheeffadhaa.

Mala Baruu-Barsiisuu

Mata duree kana eegaluun dura waa'ee dhiigaa waan beekan hunda barattootni dareef akka ibsan godhaa. Itti aansuun onnee fi dalagaa onnee irrattis yaada akka waljijiiran taasisaa.Yaada barattootaan booda dhiiga, faayidaa dhiigaa, sirna

marsaa dhiigaa fi ujummoolee dhiigaa irratti hubannoo ga'aa kennaafii. Dabalataan moodeela yookiin fakkii onneetti fayyadamuun ifa taasisaafii.

Waa'ee dhibee HIV/AIDS waan beekan barattoota gaafadhaa. Deebii isaanii gabatee boronqii irratti barreessuun yaada dabalataa akka itti kennan carraa kennaafii. Kallattii sirrii erga qabsiiftaniin booda garee xixiqaatti quodun qabxiilee armaan gadii irratti akka mar'atan mala ittisa isaanii akka kennan haala mijessaa.

- Tuttuqaa dhiigaa,
- walquunnamtii saalaa of eggannoo hin qabne
- wantoota qara qabanitti waliin fayyadamuu,
- Dhibeen HIV/AIDS haadha irraa gara daa'imaatti daddarbuu fa'a.

Marii isaanii booda waan irratti waliigalan dareef akka dhiheessan godhaa. Kallattii umrii isaan wajjin deemuu yaada dabalataa kennaafii.

Itti aansuun namni dhibee kanaan qabame mallattoo inni agarsiisu maal faa akka ta'an akka tarreessan gaafadhaa. Deebii isaanii booda dogoggora isaanii sirreessuun ibsa dabalataa kennaafii. Dhiibbaa dhibeen HIV/AIDS misooma biyya tokkoo irraan gahuu danda'u barattooni hamma beekan akka ibsan carraa kennaafii. Deebii isaanii irratti ibsa dabalataa erga kennitanii booda akkaataa ittiin of eeguun danda'amu irratti yaada isaanii akka waliif hiranii taasisaa. Xumura irratti ragaalee adda addaa kaasuun ibsa dabalataa kennaafii.

Namoota dhibee HIV/AIDS qabaman kunuunsuun maaliif akka barbaachisuu fi akkaataa itti kunuunsuun danda'mu irratti akka mari'atan taasisaa. Namoota dhibichaan qabaman kunuunsuun namoonni ofitti amanamummaa akka horatanii fi namoota biroo barsiisuun dhibeen kun akka hin baballanne gochuun akka danda'amu hubachiisaa. Dabalataan Ogeettii/Ogeessa fayyaa naannoo keessanitti argamtu/argamu afeeruun ibsa dabalataa akka kennan gochuun hubannoo dabalataa akka argatan godhaa. Akkasumas barattooti gumii farra HIV/AIDS keessatti akka hirmaatan jajjabeessaa.

Madaallii

- Kutalee dhiigaa fi dalagaa isaanii akka ibsan gaafaadhaa.
- Faayidaalee dhiigaa fi onnee akka ibsan gaafachuun madaalaa.
- Namoota vaayirasiin HIV/AIDS qaama isaanii keessa jiruuf kunuunsa ta'uufii qabuu fi haala ittiin waliin jiraachuun danda'amu irratti hubannoo isaanii qaban madaalaa.
- Karaalee dhiveen HIV/AIDS itti daddarbu akka tarreessan gochuun madaalaa.
- Maloota ittisa HIV/AIDS akka tarreessan gaafachuun madaaluun hubannoo isaanii mirkanoeffadhaa.

DEEBII GILGAALA 1.2

A Deebii Gaaffiwan dhugaa yokaan soba

1. Dhugaa 2. Dhugaa 3. Soba 4. Dhugaa 5. Dhugaa

B Deebii bakka duwwaa guutii

6. Seelii dhiiga adii fi pilatileetota
7. pilaatileetonni
8. bishaan
9. Dhiiga raabsituu, dhiiga deebistuu
10. HIV/eedsii

C. Deebii Gaaffilee filannoo


11. D 12. B 13. A 14. C 15. A 16. D 17. C
18. C 19. B 20. A

D. Deebii Gaaffilee Gaggabaaboo

21.

- Oksijiinii fi dhangaaleen gara garaa qaama keenya keessa akka tamsa'uuf gargaara.
- Wantooti xuraawoon qaama keenya keessaa gara alaatti akka bahaniif gargaara.

- Qaamni keenya meeshaa qaraan yoo murame, dhiigni dafee itituun akka dhangala'uun dhaabbatu godha.
 - Ho'a bakka tokkoo gara biraatti dabarsuun tempireechara qaama keenyaa to'ata.
 - Dhukkuba adda addaa qaama keenya irraa ittisa.
22. Vaayirasiin HIV dhiiga namaa erga seenee booda seelii dhiigaa adii dhukkuba nama irraa ittisu miidhaa. Sababa kanaaf qaamni namaa vaayirasii kanaan qabame dhukkuba biraan kamiyyu ofirraa dhorkuu dadhabuun balaaf saaxilama.
23. Dhukkuba HIV/AIDS irraa of eeguuf:
- Dhiiga fudhachuun erga qoratamee booda ta'uu qaba.
 - Walqunnamtii saalaa irraa of dhowwuu yookaan of quachuu
 - Mana yaalaa beekamaan alatti yaalamuu dhiisuu.
 - Meeshaalee qara qaban waliin itti gargaaramuu dhiisuu
 - Haadholeen HIV qaban yoo ulfaa'an mana yaalaatti gargaaramuun daa'ima isaaniif of eegganno gochuun.
24. Vayirasiin HIV kan daddarbu waltuqaatii dhigaatin ta'ee haala armaan gadiitiin ta'uu danda'a.
- Walqunnamtii saalaa ofegganno hin qanee gochuun
 - Wantoota qara qaban waliin fayyadamuun
 - Dhiiga nama HIVn qabamee (fudhachuu) hirphachuu
 - Haadha vayirasii HIV qabdu irraa gara da'imatti darbuu
25. Onneen kontoochuu fi diriiruun itti fuufuun dhiignii akka qaama keenya keessa naanna'u godha. Dhiigaa of keessa dabarsuun akka nafa namaa keessa rabsamu taasisa.



Fakkii 1.13: Onnee namaa

3 Sadarkaa Saalfannoo Irra Gahuu (Wayitii 10)

Gahumsa barachuu isa xiqqaa

Gahumsa/dandeetti:- Adeemsaa fi xumura barnoota mata-duree
kanatti barattoonni:-

- Jijjiramoota qaamaa yeroo saalfannoo dhiiraa irratti mul'atan ni tarreessu.
- Jijjiramoota qaamaa yeroo saalfannoo shammaran irratti mul'atan ni tarreessu.

Qophii Duraa

- Hubannoo ga'aa qabaachuuf kitaabolee biroo mata duree kanaan walqabatan dubbisaa.
- Chaartiwwanii fi fakkiiwwan mata duree kana waliin deeman qopheeffadhaa

Mala Baruu-Barsiisuu

Mata duree kana eegaluun dura barattooni dhuunfaan garaagarummaa isaanii fi dargaggoota gidduu jiru hamma beekan akka tarreessan taasisaa. Yeroo muraasaafakkuma teessuma isaaniitti wantoota tarreessan irratti yaada akka waljijiiran godhaa. Itti fufuun deebii barattoota muraasaa gabatee boronqii irratti akka barreessan carraa kennaafii. Deebii isaanii booda mata duree barnootichaa ifa gochuun qabxilee marii armaan gadii irratti akka mari'atan haala mijeessaa. Mata duree kana qofaaf gareen yeroo uumamu dhirrii fi shammaran adda adda ta'u qabu. Qabxilee marii jijjirama yeroo saal-lammeessuu qaama isaanii irratti mul'atu; Dhiirri garaagarummaa guddina qaamaa kan isaa fi kan abbaa yookaan obboleessa hangafa isaa gidduu jiru; isaanii fi harmee (haadha) yookiin obboleettiihangafa isaanii gidduu jiru irratti akka mari'atan taasisaa. Dabalataanisi barattootidubaraa waa'ee laguu akka mari'atanii fi jijjirama qaama isaanii irraatti raawwatu akka hubatan gargaaraa. Qabxilee marii isaanii dareef akka dhiheessan ergagootaniin booda ibsa dabalataa kennaafii. Itti aansuun qabxiilee armaan gadii irrattimala gahee xaphachuun akka shaakalan taasisaa. Ogummaalee jireenyaa kan akka gabaasuu, dhiibbaa ofirraa ittisu, saalqunnamtiif lakkii jechuu fi maloota miliqiu irratti akkasumas faayidaa itti gaafatmummaa fudhachuu fi walkabajuu dhiiraa fi dubaraa irratti akka shaakalan taasisaa.

Xumura irratti fakkiwwan qopheeffattaniin deggaramuun mata duricha goolabaa.

Madaallii

- Jijjirama yeroo saalfannoo dhiiraa fi shamarran irratti mul'atan addaan baasuu isaanii akka isaan tarreessan taasisuun madaalaa.
- Ogummaalee jireenyaa gahee taphachuun agarsiisaan hordofuun madaaluun hubannoo isaanii mirkaneeffadhaa.

Deebii Gilgaala 1.3

Deebii Gaafiiwan Gaggabaaboo

- 1 Jijjirama qaamaa fi amalaan yeroo saal-lammeessoo nama irratii mullatu saalfaannoo jedhama.
- 2 Mallattoo salfannoo dhiiraa:
 - Areeda baasuu
 - Sagaleen furdachuu
 - Bobaa fi naannoo qaama saalaatti rifeensi marguu
- 3 Mallattoo saalfannoo dubaraa:
 - Harmi guntuutuu
 - Rifeensi qaamaa saalaa irraa fi bobaatti biqiluu
 - Laguu arguu
4. Sadrakaa ijoollummaa, saal-lammeessoo, ga'eessummaa fi manguddummaadha.

1.4 Karoora Maatii (Wayitii 15)

Gahumsa barachuu isa xiqqaa

Gahumsa/dandeetti:- Adeemsaa fi xumura barnoota mata-duree kanatti barattooni:-

- Karoora maatii jechuun maal akka ta'e ni ibsu
- Faayidawan karoora maatii ni ibsu.
- Rakkoowwan fi miidhaa ulfa hin barbaachsneen dhufan ni ibsu

Qophii Duraa

- Waa'ee karoora maatii irratti barruulee adda addaa dubbisuun hubannoo keessan gabbifadhaa.
- Fakkiiwan mataduree kana waliin deeman walitti qabachuun qopheeffadhaa.

Mala Baruu-Barsiisuu

Barattoot waa'ee karoora maatii waan beekan akka ibsan gaafadhaa. Itti fufuun mata dureewwan armaan gadii irratti akka mari'atan haala mijeessaa. Karoorri maatii maaliif akka barbaachisu; abbaan manaa fi haati manaa namoota akkamii ta'uu qabu ?Maalfaa qabaachuu qabu? Fedhii fi mirga daa'immanii ilaalcissee maaltu isaan iraa eegama? Marii isaanii booda wantoota irratti walii galan dareef akka dhiheessan taasisuun xumura irratti ibsa dabalataa kennaafi. Dabalataan mala gahee xaphachuun yookiin mala diraamaan faayidaa karoora maatii akka walhubachiisan taasisaa.

Waa'ee ulfa barbaachisaa hin taanee waan beekanii fi sababa ulfa barbaachisaa hin taanee nama rakkinni qunname yoo beekan dareef akka ibsan godhaa. Itti aansuun qabxiilee armaan gadii taateewan ulfa hin barbaachisinee irratti akka mar'atan haala mijeessaa.

- Hariiroo gaarii maatii wajjin uumuu dhabuu,
- Barumsa itti fufuun hojii gaarii argachuu dadhabuu,
- Leecalloo maatii itti fayyadamuu irratti fedhiin dabaluu.

Marii isaanii booda ibsa gahaa ta'e kennaafiin hubachisaa.

Madaallii

- Faayidaalee karoora maatii akka ibsan taasisuun madaalaa.
- Rakkoowan ulfi barbaachisaa hintaane fidu akka ibsan gaafachuun madaalaa
- Taateewan ulfa barbaachisaa hin taane fidan irratti ibsa akka kennan taasisuun madaalaa.
- Rakkoowan ulfa hin barbaachisneen dhufan hambisuuf furmaata akka ibsan gochuun madaaluun hubannoo isaanii mirkaneefadhaa.

Deebii Gilgaala 1.4

A Deebii Gaaffiwwan dhugaa yokaan soba

1. Dhugaa 2. Soba 3. Dhugaa 4. Soba 5. Soba

B Deebii Gaaffiwwan Gaggabaaboo

6. Karoorimaatii kan barbachisuuf qabeenya fí galii qabnu wajiniin akka
walsimutti baayyina ijoollee horannuu too'achuun akka rakkoo malee siritti
guddisuu dandeenyuuf gargaara .

7. Karoora maatii kan raawwatu abbaa warraa fí haati warraa waliigaluun

8. Of- eeggannoos oo hingodhin qunnamtii saalaa raawwachuuun ulfaa karoora
malee fí yeroo hin barbaadannetti dhufuudhaa.

9. Rakkoowwan ulfa hin barbaachifnen barattuu irra gahuu danda'u:

- Maatiin waliigaluu dhabuu
- Baruumsa addaan kutuu
- Hojii argachuu dhabuu
- Daa'ima guddifachuu dadhabuu
- Ulfa baasuuf dhukkuba adda addaa fí du'aaf saaxilamuu fa'a.

10. Ulfa hin barbaachifne irraa of eeguuf furmaata kan ta'u:

- Waa'ee saalaa fí ulfa hin barbachifnee barumsaa fí hubannoo argachuu
- Ijoollee fí maatiin waa'ee saalaa irratti waliin mari'achuun
- Haala qunnamtii saalaa of eeggannoos hinqabnee fí rakkoo kanaaf saaxila
nama baasu irraa of too'achuun
- Malleen karoora maatii fayyadamuu fa'a.

BOQONNAA LAMA

UUMAMA NAANNOO KEENYAA

(WAYITII 55)

Bu'aawwan Barnoota Boqonnichaa

Gahumsa/dandeetti:- Adeemsaa fi xumura barnoota mata-duree kanatti barattooni:-

- Hiika maaterii ni kenuu.
- Jijiirama fiizikaalaa fi keemikaalaa maatarii yaaliwwan sasalphootti fayyadamuun amaloota kanneenii ni agarsiisu.
- Qabeenya uumamaa kan haaromfamuu fi hin haaromfamneetti ramaduun fakkeenya tokkoo tokkoo isaanii ni kenuu.
- Haala qilleensa fi qilleensa baramaa maal akka ta'e ni ibsu.
- Dhiibbaan qilleensa baramaan jirenya namaa irratti qabu ni ibsu.
- Faayidaa biqilootaa ni ibsu, biqiloota xixiqqoo fi mukeetti ni ramadu.
- Bosona mancaasuu, taateewwani inni qabuu fi maloota kunuunsa biqilootaa ni ibsu.
- Hiika annisaa, fakkeenya maddootaa fi akaakuuwwan annisaa ni kenuu.
- Maddootaa elektirisitii ni ibsu, balbii fi elektiroomaagneetii fayyadamuun dandii elektiriikii salphaa hojechuun yaa'insa karentii ni agarsiisu.
- Malootaa fi ogummalee qo'anno saayinsawaa kanneen akka ilaalanii hubachuu, galmeessuu, ramaduu, gaafachuu, safaruu hirreeguu addan baasuu, daataa dubbisuu, yaada furmaataa kennuu, mari'achuu, modeeloota hojechuu fi waliin hojechuu dagaagfachuu ni danda'u.

Qabxilee ijoo

Mata dureewwan boqonnaa lammaffaa kana keessatti hammataman jirenya guyyaa guyyaa barattootaan kan walqabatanii fi jirenya isaanii gara fuulduraatiif murteessoo ta'aniidha. Fakkeenyaaf maatarii fi jijiiramni maatarii keessatti geggeeffaman jirenya barattootaan kan walqabataniidha. Akkasumas waa'een qabeenya uumamaa haalli itti fayyadamaa fi kunuunsaajandaa addunyaa ta'ee yommuu jirutti daa'imman ammumaa hubannoo ga'aa ta'e akka argatan taasisuun barbaachisaadhaa. Dabalataan adeemsota mala saayinsaawaa keessa jiraniin walbaruu eegaluun isaanii gara fuulduraatiif bu'uura gaarii ta'aafi.

2.1 Maatarii

(Wayitii 15)

Gahumsa barachuu isa xiqqaa

Gahumsa/dandeetti:- Adeemsaa fi xumura barnoota mata-duree kanatti barattoonni:-

- Hiika maatarii ni kenuu.
- Amaloota fiizikaalaa fi keemikaalaa maatarii tokko tokko ni ibsu.
- Amaloota fiizikaalaa fi keemikaalaa maatarii agarsiisuuf yaalii ni dalagu.
- Gochoota sasalphoo fayyadamuun jijiiramoota fiiziikaalaa fi keemikaalaa ni agarsiisuu.

Qophii duraa

- Waa'ee maatarii irratti hubannoo ga'aa qabaachuuf kitaabolee wabii biroo dubbisuun hubannoo keessan cimsadhaa.
- Mata dureen kun yaaliin kan deggaramu waan ta'eef meeshaalee yaaliwwaniif barbaachisan qopheefadhaa.
- Yaaliwwan kennaman dalagsiisuun dura ofiif yaaluun mirkaneessaa.
- Chaartiwwan qoodama maatarii agarsiisan qopheefadhaa.

Mala Baruu-Barsiisuu

Barattooti wantoota naannaa isaaniitti argaman daree barnootaa isaanii keessaa eegaluun akka tarressan godhaa. Wantoota tarreessan akkaataa walfakkeenyaa fi garaagarummaa isaaniin adda adda akka baasan taasisaa. Barattootni muraasni bahanii gabatee boronqii irratti akka barreessan godhaa. Maali irratti hundaa'anii akka qoodan gaafadhaa. Hiikkaa maatarii irraa eegaluun ibsa dabalataa kennaafii. Meeshaalee naannoo isaaniitti haala salphaan argaman keessaa jijiirama fiizikaalaa fi jijiirama keemikaalaa agarsiisuuf kan fayyadan gara daree akka fidan taasisaa. Yeroo meeshaalee kan walitti qaban ofeegganno gochuu qaban dursaa itti himaa. Yaalii dalaguun dura adeemsota mala saayinsawaa keessa jiran ifa taasisaa. Barattoonni gareen yaaliwwan akka dalagan erga gootaniin booda bu'aa yaalii isaanii dareef akka ibsan gochuun firii isaan argatan sirrii ta'uun isaa mirkaneessaafii.

Madaallii

- Hiikkaa maatarii akka kennan gaafadhaa.
- Wantoota naannoo isaaniitti argaman maal irratti hundaa'uun akka ramadan gaafadhaa.
- Yaalii dalaguu keessatti hirmaanna fi ofeegganno taasiisan hordofuun madaaluun hubannoo isaanii mirkaneeffadhaa.

Deebii Gilgaala 2.1

A. Deebiwwan gaaffiilee dhugaa yookiin soba

- | | | | |
|-----------|-----------|-----------|-----------|
| 1. Dhugaa | 2. Dhugaa | 3. Dhugaa | 4. Dhugaa |
| 5. Dhugaa | 6. Soba | | |

B. Deebii sirrii filachuu

- | | | | |
|------|------|------|-------|
| 7. D | 8. C | 9. C | 10. A |
|------|------|------|-------|

C. Deebii gaaffiilee gaggabaaboo

11. Halluu, dhandhama, foolii (urgaa), hanga, qabee, boca, faalkaa fa'i
12. Boba'u, dandaa'u, burkutaa'u, walnyaatinsa keemikaalaa

13. Jajjaboo, Dhangala'oo fi Gaasii. Fakkeenya siibiilli jajjaboodha, zaayitiin dhangala'oodha, hurkii gaasii dha.
14. Jijiirama maatarii osoo qabiyee fi eenyummaa isaa gadi hindhiisini safaramu yookaan mul'atuudha.
15. Jijiirama maatarii kan wanti haaraan itti uumamuudha.
16. Jijiirama fiizikaalaa
17. Wantoota fi faalkaalee maatarii sadan

Lakk	Faalkaalee mateerii sadan		
	Jajjaboo	Dhangala'oo	gaasii
1	Dhagaa	Bishaan	Qilleensa
2	Teessoo	Aannan	hurka
3	Muka	Zayita	
4	Gabatee boronqii	naafxaa	

18. Jijiirama fiizikaalaa fi keemikaalaa

Lakk	Jijiirama	Keemikaalaa	Fiizikaalaa
1	Cabbiin baquu		✓
2	Shiboo dabsuu		✓
3	Danfisuu		✓
4	Waraqaa gubuu	✓	
5	Tortoruu	✓	
6	Kibiriti gubuu	✓	
7	Aannan itituu	✓	
8	Muka gubuu	✓	
9	Danda'u Ayirani	✓	
10	Ashaboo daakuu		✓
11	Burkutaa'e Muka	✓	

2.2 Qabeenya Uumamaa (Wayitii 15)

Gahumsa barachuu Isa xiqqaa

Gahumsa/dandeetti:- Adeemsaa fi xumura barnoota mata-duree kanatti barattooni:-

- Qabeenya uumamaa kan haaromfamanii fi hin haaromfamneetti ni ramaduu
- Fakkeenya qabeenya uumamaa haaroomfamaanii fi kan hin haaroomfamnee ni kenu.
- Hiika haala qilleensaa fi qilleensa baramaa addaan baasuun ni ibsu.
- Fakkeenya haala qilleenssaa ni kenu.
- Fakkeenya qilleensa baramaa ni kenu.
- Qilleensi baramaan jirenya isaanii irratti dhiibbaa qabu ni ibsu.
- Faayidaawan biqiltootaa ni ibsu.
- Biqiltoota xixiqoo fi mukee gurguddootti ni ramadu.
- Bosona mancaasuun jechuun mukkeenii fi biqiltoota biroo mancaasuu akka ta'e ni ibsu.
- Bosona balleessuun dhiqama biyyee, lolaa fi hongeef akkamitti sababa akka ta'uni ibsu.
- Maloota biqltoonni ittiin kunuunfaman ni ibsu.
- Hojiwwan biqiltoota dhaabuu keessatti fedhiin ni hirmaatu.

Qophii Duraa

- Yeroo ammaa akka addunyaattisi ta'ee akka biyyaatti sadarkaa haala itti fayyadama qabeenya uumamaa irra jiru beekuuf odeeaffannoo maddoota adda addaa irraa walitti qabachuun hubannoo cimsadhaa.
- Mataduree kana irratti hubannoo ga'aa argachuuf kitaabolee sadarkaa olaanaaf qophaa'an dubbisuun hubannoo keessan cimsadhaa.
- Rammaddii biqiltootaa garagaraa kitaaba ibsu irraa hubannoo cimsadhaa.
- Taatee bosona mancaasuu kan agarsiisu fakkii qopheeffadhaa.

Mala Baruu-Barsiisu

Qabeenyi uumamaa mali akka ta'e barattootni akka ibsan gaafadhaa. Odeeffannoo fedhiwwan bu'uraa dhala namaa irratti qaban gaafadhaa. Itti aansuun qabeenyota uumamaa naannoo isaaniitti argaman akka tarreessan erga gootanii booda, qabeenyota uumamaa haaromfamuu danda'anii fi haaromfamuu hin dandeenyetti akka ramadan taasisaa. Barattootni dareef akka dhiheessan godhaa. Wan dhihaate irratti barattootni biroo yaada akka kennani erga gootanii booda ibsa dabalataa kennaafii.

Itti aansuun barattoota daree bakka lamatti quoduun fedhii maallaqaa guuttachuu fi Itti fayyadama qabeenya uumamaa irratti akka walmormaan godhaa. Xumura irratti kallattii sirrii qabsiisuun ibsa dabalataa kenuun (xumuraa).

Mata duree faayidaa qilleensaa eegaluun dura barattooti hundi sakandii muraasaaf harka isaaniin afaanii fi funyaan isaanii cuqqaaluun qabachuun faayidaa qilleensaa akka hubatan taasisaa. Itti fufuun haala qilleensaa fi qilleensa baramaa erga ibsitaniin booda, haala qilleensa naannoo isaanii fi taatee namoonni qilleensa baramaa irratti qaban haala naannoo isaanii jiddugaleessa godhachuun irratti yaada akka waljijiiran godhaa. Akkasumas qilleensi baramaan jijiiramuu fi jijiiramuu dhabuu isaa irratti fi saffisa jijiirama qilleensa baramaa naannoo isaanii irratti akka mari'atan haala mijessaa.

Biqiltoota uumamaanis ta'ee namaan dhaabbatan naannoo keenya jiran maqaa dhahuun akka tarreessan godhaa. Itti aanssuun faayidaa biqiltootaa irratti akka mari'ataan gochuun dareedhaaf akka ibsan taasiisaa. Dogoggora isaanii sirreessuun qabxii hafe itti dabaluun ibsa dabalataa kennaafii. Daree alatti bahuun mana barumsaa keessa biqiltoota jiraan daawwannaan gochuun ramaaddii akaakuu biqiltootaa ibsaafii. Barattoonni rakkoo bosonni manca'uul fi mukkeen dhabamuun dhufu irraatti akka mari'ataan taasisaa. Dabalataan ogeessa qonnaa yookiin nama naannootti biqiltoota dhaabuu fi kunuunsuun beekamu daree barnootaatti afeeruu faayidaa biqiltoota dhabuu fi miidhaa biqiltoota mancaasuun dhufu irratti ibsa akka kennan erga taasiftaniin booda barattootni fedhii isaaniitiin gumii kunuunsa

naannoo keessatti hirmaachuun biqiltoota dhaabuu fi kunuunsuu keessatti akka hirmaatan jajjabeessaa.

Madaallii

- Qabeenya uumamaa haaromfamuu fi hin haaromfamne addaan baasuun hiika isaanii akka kennan fi fakkeenya isaanii akka ibsan gaafachuun madaalaa.
- Haala qilleensaaa jechuun maal akka ta'ee fi fakkeenya isaa waliin akka ibsaan gaafaachuun madaalaa.
- Qilleensi baramaa maal akka ta'ee fi fakkeenya ibsamuun akka himan gaafachuun madaalaa.
- Faayidaa biqiltootaa akka tarreessan gaafachuun madaalaa
- Biqilootaa akaakuu isaanitti ramaduu danda'uu isaanii mirkaneeffaachuuf naannoo mana barumsaa biqiltoota jiraan akka ramadan gochuun madaaluun hubannoo isaanii mirkaneeffadhaa.
- Bosona mancaasuun maal akka ta'e gaafadhaa.
- Maloota biqiltoota ittiin kunuunssan gaafachuun madaalaa.
- Mana barumsaa keessatti guyyaa biqiltuu dhaabuu irrattii hirmaanna fi fedhii qabaan daawwaachuun madaaluun hubannoo isaanii mirkaneeffadhaa.

Deebii Gilgaala 2.2

A. Deebiwwan gaaffiilee dhugaa yookiin soba

- | | | |
|----------|----------|----------|
| 1 Soba | 3 Dhugaa | 5 Soba |
| 2 Dhugaa | 4 Dhugaa | 6 Dhugaa |

B. Deebii gaaffiilee gaggabaaboo

- 9 7. Qabeenya uumamaa haaromfamuu danda'an

- | | | |
|-----------|-----------------|-------------------|
| ▪ Bishaan | ▪ Qilleensa | ▪ Bosona |
| ▪ Biyyee | ▪ Bineeldota | ▪ Midhaanii fa'a. |
| | ▪ Anniisaa aduu | |

- 11 8.Qabeenya uumamaa haaromfamuu hin dandeenye

- | | |
|---------------------------|----------------|
| ▪ Zayitaa boba'aa | ▪ warqee, |
| ▪ (petirooliyeemii) | ▪ dhagaa cilee |
| ▪ sibiilota,(ashaboollee) | ▪ koopparii |

- Meetii
 - 9. Haalaa qilleensaa
 - 10. Haala qilleensaa jechuun qilleensa ammalii isaa sa'aati sa'atti jijjiiramuudha.
 - 11. Qilleensa baramaa jechuun amala qilleensaa jiddugaleessa osoo hin jijjiiramin yeroo dheeraaf naannoo tokkotti mul'atuudha.
 - 12. Akaakuu biqiltootaa:
 - A Mukkeen gurguddoo
 - B Mukkeen xixiqqoo
 - C Hidda
 - D Biqiltoota jirma mukaa hinqabne(marga)
 - 13. Mukkeen fi biqiltoonni biroo ciramuun fi gubachuun lafa irraa baduudha.
 - 14. Dhiibbaa manca'uu bosonaatiin dhufu:
 - Biyyeen qullaatti hafuun bubbee fi bishaaniin haramuu
 - Hongeen babala'achuu
 - Maddaalli uumamaa naannoo jeeqamuu dha.
 - Bineensonni bosonaa bakka jirenya dhabuun naannoo gadhisanii baduu danda'uu fa'a.
 - 15. Qilleensi baramaa haala uffanna, oomisha midhaanii, akaakuu biqiloota dhaabnu fi ijaarsa manaa akkamii akka filannu irratti dhiibbaa qaba.
- ■
■

▪ **2.3. Marsaa Bishaanii (Wayitii 5)**


- **Gahumsa barachuu isa xiqqaa**

- Gahumsa/dandeetti:- Adeemsaa fi xumura barnoota mata –duree kanaatti barattoonni:-
- Adeemsa marsaa bishaanii ni ibsuu.
- Faayidaa bishaanii ni tarreessu.
-
- **Qophii Duraa**
- Mata duree Marsaa Bishaanii irratti hubannoo ga’aa argachuuf kitaabolee biroo dubbisaa.
- Fakkii marsaa bishaanii qopheeffadhaa.
-
- **Mala Baruu- Barsiisuu**
- Barattootni Madda, faayidaa fi marsaa bishaanii irratti gareen akka mari’atan taasisaa. Marii isaanii booda gareen muraasni qabxiilee irratti walii galan dareef akka dhiheessan haala mijeessaa. Itti aansuun fakkii marsaa bishaaniin deggaramuun ibsa ga’aa kennaafii.
-
- **Madaallii**
- Faayidaalee bishaanii akka tarreessanii fi adeemisa marsaa bishaanii akka ibsan gochuun madaluun hubannoo isanii mirkanoeffadhaa.
-
- **DEEBII GILGAALA 2.3**
- **Deebiwwan Gaaffiilee Gaggabaaboo**

 - 1 Hurkaan
 - 2 Galaana, garba, haroo, qaama biqiltootaa, qaama bileendotaa, dachee fi laggeen irraa

-

-
- 3 Duumeessi kan uumaamu hurki samiitti olbahe qorruun gara bishaanii fi cabbii tti yoo jijjiramuu dha.
- 4 Lagaa fi harootti yaa'a, dacheenis ni xuuxama
- 5 Marsaa bishaanii
-



-
- 6 Faayidaa marsaa bishaanii
 - Bishaan akka lafa kana irraa deeddebi'uun jiraatu
 - Qilleensa naannoo to'ata
 - Biqiltoota magarsa
 - Lubbu qabeeyyii hunda jiraachisa
- 7 Galaanaa fi garbaa
- 8 Bishaan akka salphaatti lafa irratti argannu kun hurkaan waan
 - dhumuuf bishaan dhabamuun lubbu qabeeyyii hunda dhabamsiisuu

- danda'a ture.
-
- 9 Bishaan iddo hunda jiru dhugaatiif mijaa miti.
- 10 Fayidaalee bishaanii
 - Dhugaatiif
 - Nyaata qopheessuuf
 - Qulqullinaaf
 - Geejibaaf
 - Biqiltootaa fi
bileendootaaf
 - Bashannanaaf
 - Humna elektiriikii argachuuf
 - Jiraachuu lubbu qabeeyyi kamifuu barbaachisaadha.
 -
 -
- **2.4 Anniisaa (Wayitii 20)**
- **Gahumsa barachuu isa xiqqaa**
- Gahumsa/dandeetti:- Adeemsaa fi xumura barnoota mata –duree kanatti barattoonni:-
 - Hikkaa annisaa ni himu.
 - Maddoota annisaa tokko tokkoo ni ibsu.
 - Anniisaan danddeetti dalagaa hojjechuu ta'uu ni himu.
 - Akaakuu annisaa ni tarreessu.
 - Faayidaa annisaa ni ibsu.
 - Maddoota elektiriikisiitii ni himu.
 - Hiikkaa karentii yaa'a elektiriikii shiboo keessaa jechuun malii akka ta'e ni himu.
 - Daandii elektiriikii salphaa balpii, seelii elektiriikii fi shiboo fayyadamuun ni tolchu.
 - Elektiroomaagineetii salphaa ni tolchu.

-
-
-

- **Qophii Duraa**

- Mata duree kana irratti hubannoo ga'aa qabaachuuf kitaabolee fiizikisii sadarkaa olaanaaf qophaa'an dubbisaa.
- Mata dureen kun yaaliwwaniin waan deggeramuuf meeshaalee fi wantoota barbaachisa hamma danda'ametti walitti qabachuu fi yaaliwwan barattoota hojjechiisuun dura ofif yaaluun mirkaneeffadhaa.
- Barattooti meeshaalee walitti qabuu fi yaalii dalaguun dura of eeggannoogochuu qaban dursaan hubachiisaa.
- Modeelotaa fi fakkiwwan daandii elektiriikii fi elektiroomaagineetii salphaa qopheeffadhaa.

- **Mala Baruu- Barsiisuu**

- Anniisaan maal akka ta'e erga ibsitaniin booda, barattootni gareen maddoota anniisaa tarreessuun akka irratti mari'atan taasisaa.Akkasumas akaakuwwan anniisaa irratti mari'achiisaa.Xumura irratti yaada marii isaanii gabbisu kennaafii. Mata duree elektiriisiitii barsiisuun dura, waa'ee elektiriisiitii waan beekan hunda kanneen akka madda, faayidaa, balaa fi ofeegannoogodhamuu qabanni irratti yaada isaanii dareef akka ibsan godhaa. Yaada isaanii booda, hiikkaa elektiriisitii, maddoota, balaa fi ofeeggannootti fayyadama elektiriisiitiif godhamuu qabani irratti ibsa ga'aa kennaafi.Itti fufuun barattootni daandii elektiriikii salphaa balbii, seelii elektiriikii (dhagaa baatirii) fi shiboo elektiriikii fayyadamuun tolchaniin daandii cufaa fi banaa addaan akka baafatan taasisaa.Itti aansuun barattootni eleektiroomaagineetii salphaa hojjechuun sibiilota xixiqqoo kanneen akka lilmoo fi mismaaraa akka harkisuu danda'u haa yaalan.

■ **Madaallii**

- Kaayyoo mata duree baratanii irratti hundaa'uun gaaffilee tokko tokko kaasuun daree keessatti gaafadhu. Fakkeenyaaaf:
- Maddoota anniisaa tarreessi.
- Amaloota maagneetii hubachuu isaanii wantoota adda addaa tiin yaalii godhan akka ibsan gaafadhaa.
- Elektiroomaagineetii salphaa hojjechuuf wantootni barbaachisanii fi tartiibota hordofamuu qaban tarreessi.
- Elektiroomaagneetiin maaliif sibiiloota akka lilmoo waraqaa harkisa jechuun gaafadhaa.
- Daandiin elektiriikii cufaa yoo ta'u balbiin maaliif ifa? Balaa elektiriikii irraa ofeeguuuf wantootni godhamuu qaban maal fa'i?
- Yaalii salphaatti fayyadamuun daandii elektiriikii banaa fi cufaa hojehuun danda'uu isaanii hordofuun mirkaneeffadhaa.

■ **Deebii Gilgaala 2.4**

■ **A. Deebii sirrii filadhu**

- | | | |
|-----|-----|-----|
| 1 C | 3 D | 5 B |
| 2 B | 4 A | |

6 **B. Deebii walitti firoomsuu**

- | | | | |
|-----|-----|-----|------|
| 1 I | 4 B | 7 D | 9 A |
| 2 J | 5 E | 8 C | 10 G |
| 3 H | 6 F | 7 | |

8 **C. Deebii Gaaffilee Gaggabaaboo**

- 1 Maddoota anniisaa:
 - Aduu
 - Bishaan socho'u,
 - Qilleenssa,
 - Boba'aa fi
 - Nyaata
- 2 Akaakuu anniisaa:
 - Anniisaa ho'aa,
 - Anniisaa sagalee,
 - Anniisaa ifaa,
 - Anniisaa elektiriikii fi
 - Anniisaa keemikaalaa
 - fa'i.

- 3 Nyaata nyaatu irraa
- 4 Anniisaa ifaa fi ho'aa 5.Seelii elektiriikii (Dhagaa baatirii) fi Jenereetara.

■ BOQONNAA SADII
■ BIYYA KEENYA
■ (Wayitii Ramadame: 55)

■ Bu'aawwan Barnoota Boqonnichaa

- Barattoonni adeemsaaa fi xumura barnoota boqonnaa kanaatti:
 - Maalummaa biyyaa ibsuu, akkasumas Itoophiyaa kaartaa Afrikaa irratti agarsiisuu ni danda'u;
 - Teessuma lafaa fi qaamman bishaanii gurguddoo Itoophiyaa addaan baasuun maqaa isaanii wajjinni ibsu;
 - Bineensota Itoophiyaa keessatti qofa argaman maqaa isaanii bakka itti argaman wajjin ni ibsu;
 - Baay'ina ummataa fi saffisaan dabalamuu ummataa Itoophiyaa ni himu;
 - Naannolee ummattoonni Itoophiyaa hedduummina fi haphinaan keessa jiraatan addaan baasaniini ibsu;
 - Dhiibbaa saffisaan baay'achuun ummataa guddina misooma biyyaa irratti qabu ni qayyabatu;
 - Qonna gosa saditti ni hiru;
 - Meeshaalee akka waliigalatti midhaan nyaataa oomishuu, qotuu fi horii horsiisuuf itti fayyadaman ni tarreessu;
 - Faayidaa industirii ni ibsu;
 - industiriwwan Itoophiyaa gosa saditti quoduun fakkeenyota isaanii wajjin kennuu ni danda'u;
 - Faayidaa turiizimii fi Itoophiyaa keessatti bakkeewwan tuuristoonni baay'inaan daawwatan ni ibsu;
 - Faayidaa teeknooloojii ni ibsu;
 - Itoophiyaa keessatti akkaataa hojirra oolmaa teeknooloojii fakkeenyota kennuu ni danda'u;
 - Boqonnaa kana keessatti ogummoota qo'anno saayinsaawaa agarsiisaan kanniin akka ilaaluu (daawwachuu), galmeessuu, ramaduu, gaafachuu, safaruu, xinxaaluu, raaguu, daataa hiikuu fi fakkii kaasuu, yaada xumuraa

kennuu, wal qunnamuu, moodeela hojjachuu fi walii wajjiin hojjechuuf dandeetti horachuu ni danda'u.

▪ Qabxiilee Ijoo

- **HikkaaBiyyaa fi Argama Itoophiyaa**

- **(Wayitii Ramadame: 4)**

- **Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa**

- Barattoonni adeemsaa fi xumura barnoota mata duree kanatti:

- Biyya jechuun naannoo daangaa, mootummaa, ummataa fi birmadummaa ofii ishee kan qabdu ta'uu ni ibsu;
- Argama Itoophiyaa biyyoota ollaa waliin wal bira qabuun kaarataa irratti ni agarsiisu;
- Argama astiroonoomii Itoophiyaa kaartaa irraa ni agarsiisu;
- Faayidaa biyyoota ollaa waliin waliigaltee gaarii qabaachuu fakkeenyaa kenuun ni tarreessu.

-

- **Qophii Duraa**

- Kitaaba barataa kutaa kanaa, kitaaba barataa Barnoota Hawaasaa sadarkaa adda addaatiif qophaa'ee fi kitaabilee wabii mata duree kana ibsan dabalataan dubbisuun hubannoo keessan cimsadha.
- Kaartaa Biyyoota Baha Afrikaa: Sudaan, Eritiraaj Jibuutii, Somaaliyaa, Keeniya, Sudaan Kibbaa fi Itoophiyaa fa'amagaalota gurguddoo isaanii wajjin sirriitti agarsiisu qopheeffadha.
- Woorkishiitii maqaa biyyootaa fi magaalota isaanii wajjin waraqaa xixiqqoo irratti barreeffachuu qopheeffadha. Baay'inni woorkishiitii qopheeffattanii baay'ina garee isin uumtantu murteessa.
- Kaartaa Addunyaa qoqqoodama sarara dagalee fi gadee qabu, akkasumas Piraayiim Meeridiyaanii fi Mudhii Lafaa, bantiilee (90° Ka fi Ki) fi 180° Bahaa fi Dhihaa agarsiisu qopheeffadha.

-


-

- **Mala Baruu-Barsiisuu**

- Gaaffilee marii mata duree kanaatti aananii jiran yookiin dabalataan qopheessuunbarattoonni diqiqaaf muraasaaf garee xixiqqaa uumuunyaada akka wal jijiiran godhaa. Wayita barattoonni marii garee

gaggeessan garee irra deemuun qajeelchaa, barattoonni hundinuu akka hirmaatanii fi hubannoo akka argatan deeggaraa.


- Wantoota gareen irratti mari'atan dabaree dabareen akka himan gaafadha. Hikkaa fi argama tokkoo tokkoon barattoonni kennan gabatee boronqii irratti barreessaa. Yaadota kennaman keessaa isaan deebii ta'uu hin dandeenye barattoota wajjin irratti mari'achaa keessaa haqaa deemaa.*Xumura irratti yaada sirrii barattoonni kennan kan kitaaba barataa keessatti kennaman wajjin walbira qabuun ibsaafii.*
- Itti aansuun, woorkishiitii maqaa biyyootaa fi magaalota isaanii waraqaan xixiqqoo irratti barreffattanbarattoonni akka walitti firoomsan gareedhaaf qoodaa. Barattoonni akkamitti akka walitti firoomsan fakkeenya tokko itti agarsiisaa. Wayita isaan gareen ta'anii maqaa biyyootaa fi magaalotaa walitti firoomsan qajeelchaa.
- *Qophii woorkishiitii Ifaa: maqaa biyyaa fi magaalaa guddoo fakkeenya wajjin*



-
-
-
-
-

■
■
■
■

- *Qophii woorkishiitii 2^{ffa}a: kallattii argama biyyoota ollaa Itoophiyaa daangessanii fakkeenyaa wajjin*



tokkoon garee hojii isaaf kennname xumuruu isaanii
mirkaneeffadha.Maqaa biyyaa fi magaalaa walitti firoomsan
keessaatokko yookiin lama akka ibsangaree hundaaf carraa kennaafii.

- Wayitii barannoo “*Faayidaabiyyoota ollaa wajjin waliigaltee gaarii qabaachuu*” dhiheessitan fakkeenya faayidaa hariiroo gaarii barattoota lama gidduu jiruu, hawaasa ollaa lama gidduu jiruu fudhachuun faayidaa biyyoota ollaa wajjin waliigaltee gaarii uumuu qabu ibsaafii.

■ Madaallii

- Dhuma barannoo irratti woorkishiitii *maqaa biyyaa fi magaalaa gurguddoo, akkasumas, woorkishiitiikallattii argama biyyoota ollaa* *Itoophiyaa daangessanii* irratti qophaa' e fayyadamuun dandeettii madaalaa. Qabxii tokkoo tokkoon barataa/tuu argate/tte gal mee jijiirama dandeettii barachuu barattoonni guyvaa guvvaan agarsiisaan irrattigalmeessa.

- Bu'aa tokkoo tokkoon barataa/tuu galmeesse/itte dandeettii barachuu isa xiqqaa lafa kaa'ame wajjin wal bira qabuun walitti fufiinsaan madaalaa.
- Barattoota sadarkaa ga'uumsaa isa xiqqaa isaan irraa eegamu olitti hojjatan barannoo itti aanuus caalmaan akka hojjatan jajjabeessaa.
- Barattoota sadarkaa ga'uumsaa isa xiqqaa isaan irraa eegamu gaditti hojjatan immoo barannoo itti aanutti cimanii akka hojjatan daree keessatti xiyyeffanna addaa itti kennaafii.Yeroon boqonnaa fi xumura barannoo guyaa irratti barnoota dabalataa qopheessuun barsiisaatii hubannoo isaanii mirkaneeffadha.

Deebii Gilgaala 3.1

Deebii Sirrii kenname

1. Itoophiyaa Kaabaan Ertiraatu daangessa yookiin Itoophiyaan Kibba Ertiraatti argamti
2. ItoophiyaaKibba Dhihaatiin Sudaan Kibbaatu daangessa yookiin Itoophiyaan Kaaba Baha Sudaan Kibbaatti argamti.
3. Itoophiyaa Kaaba Bahaatiin Jibuutiit daangessa.
4. Baay' inni biyyoota ollaa Itoophiyaa daangessanii jaha (6). Isaaniis: Ertiraa, Jibuutii, Somaaliyaa, Keeniya, Sudaan Kibbaa fi Sudaaniidha.
5. Magaalaa gudditiin biyyoota ollaa Itoophiyaa daangessanii:

Ertiraa – Asmaraa,	Jibuutii – Jibuutii,
Somaaliyaa – Mogaadishuu,	Keeniya – Naayiroobii,
Sudaan Kibbaa – Juubaa fi	Sudaan – Kaartuum
6. Itoophiyaan daangaa gabaabaa biyya Jibuutii wajjin qabdi. Daangaa dheeraa immoo biyya Somaaliyaa wajjin qabdi.
7. Faayidaan biyyoota ollaa wajjin waliigaltee gaarii qabaachuu:
 - Waliin daldaluu
 - Nageenya mirkaneessuu
 - Yeroo rakkina walgargaaruu
 - Qabeenya uumamaa waliin qooddachuu
 - Qunnamtii hawaasummaa cimsuu fa'a

Deebii Gilgaala 3.2

Deebii Sirrii kenname

1. Argama astiroonoomii ibsuuf:
 - Sarara Dagalee fi Gadee,
 - Giloobii yookiin kaartaa fi
 - Yuniitii kofa sararoota Dagalee fi Gadeeti
2. Yuniitiin argama astiroonoomii ittiin ibsamu digirii, daqiiqaa fi sakondii jedhama.
3. Sararoonni Dagalee fi Gadee sarara yaadaa kan jedhamaniif kaartaa yookiin giloobii irratti maleelafa irratti waan hin argamneefidha.
4. Iddoon ka'uumsa sarara Dagalee Mudhii Lafaati yookiin 0⁰dha.
5. Fageenyibantii kaabaa fi kibbaa gidduu 180⁰ dha.
6. Iddoon ka'uumsa sarara Gadee Piraayim Meeridiyaanii yookiin 0⁰dha.
7. Fageenyi sarara gadee 180⁰ bahaa fi dhiha gidduu 360⁰ dha.

- **Teessuma Lafa Itoophiyaa**
- **(Wayittii Ramadame: 6)**
- **Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa**

▪ Barattootni mata duree kana baratanii erga xumuranii booda:

- Lafa olka'oo, lafa dakee fi sulullan Itoophiyaa addaanii baasanii ni ibsu;
- Fakkeenya teessuma lafa Itoophiyaa ni himu;
- Naannolee lafa olka'oo, lafa dakee fi sulullanii kaartaa Itoophiyaa irraa ni agarsiisu;
- Maqaa fi argama gaarren gurguddoo Itoophiyaa ni himu;
- Bakkeewwan Sulula Qiinxaamaa Guddaan Itoophiyaa itti bal'atuu fi itti dhiphata kaartaa irraani agarsiisu.

▪ **Qophii Duraa**

▪ Barannoo mata duree kana dhiheessuun dura:

- Kitaaba barataa kutaa kanaa, kitaaba barataa Barnoota Hawaasaa fi Barnoota Ji'oogiraafii sadarkaa adda addaatiif qophaa'ee fi kitaabilee wabii biroo mata duree kana ibsu dubbisuun hubannoo keessancimsadha.
- Kaartaa Fiizikaala Itoophiyaabakkeewwan teessuma lafa olka'oo, argama gaarren gurguddoo, lafa dakee fi lafa Sulullaniagarsiisu qopheeffadhaa.
- Chaartii qoqqoodama teessuma lafa Itoophiyaa agarsiisu qopheeffadhaa. Woorkishiitii barattoonni gareen yookiin dhuunfaan irratti shaakalan qopheeffadhaa.

▪ **Mala Baruu-Barsiisuu**

- Barattoonni dareedhaa gadi bahanii teessuma lafaa naannoo mana barumsaa fi isaan irraa fagaate jiru akka daawwatan taasisaa. Teessuma lafaa naannoo mana barumsaa fi isaan irraa fagaatee jiru argan hunda yaadannoo isaanii irratti akka barreeffatan itti hima.
- Barattoonni daawwii dirree xumuranii wayita dareetti deebi'an gaaffilee marii mata duree barannoo kana jala jiranbu'ureeffachuunwantoota dirree irratti daawwatan diqiqaaf muraasaaf akka mari'atan taasisaa. Barattoonni akkamitti akka mari'atan qajeelfama baay'ee ifa ta'e kennaafi. Wayita marii garee gaggeessan irra deemuun qajeelchaa, barattoonni hundi akka hirmaatanii fi hubannoo argatan deeggaraa.

- Barattoonni yaada marii garee isaanii dabaree dabareen akka dhiheessan haala mijeessaa.Yaadaisaankennan gabatee boronqii irratti barreessaa. Xumura irratti yaadota kennaman kan kitaaba barataa keessatti ibsamanwaliin walqabsiisuunibsaafii.
- Itti aansuun woorkishiitii teessuma lafaa irratti qopheeffattan barattoonni akka hojjatan gareedhaan qoodaafii;akkamitti akka hojjatan fakkeenya tokko itti agarsiisaa.Wayita isaan gareen hojjatanqajeelchaa.
- *Qophii woorkishiitiiteessuma lafa Itoophiyaa*



- Tokkoo tokkoon garee hojii isaaf kennname xumuruu isaanii mirkaneeffadha. Waan gareen hojjetan akkaibsan carraa kennafii. Dhuma irratti yaada guduunfaa kennuun barnooticha goolabaa.

- **Madaallii**

- Dhuma barannoo irratti woorkishiitii teessuma lafa Itoophiyaa irratti qophaa'efayyadamuuun dandeettii barattaataa madaalaa. Qabxii tokkoo tokkoon barataa/tuu argate/tte galmee jijiirama dandeettii barachuu barattoonni guyyaa guyyaan agarsiisaan irratti galmeessaa.
- Barattoonni hirmaannaa marii garee keessatti taasisaan, gilgaalota kitaaba keessatti kennaman hojjechuu isaanii hordofaatii madaaluun mirkaneeffadha.

Deebii Gilgaala 3.3

Deebii Sirrii kenname

1. Teessumni lafa Itoophiyaa bakka sadiitti qoodama:
 - Teessuma lafa Kaaba Dhihaa,
 - Teessuma lafa Kibba Bahaa fi
 - Teessuma Sulula Qiinxaamaati.
2. Ulaagaan teessuma lafa olka'oo fi dakee ittiin addaan qoodamu olka'insa lafaa sirrii irra galaanaa irraa 1000 m. qabuudha. Teessumni lafaa 1000 m. ol qabu lafa olka'oo yoo jedhamu kan teessumni lafaa 1000 m. gadi qabu immoo lafa dakee jedhama.
3. Gaarren Itoophiyaa keessaa gaarri dheerinaan:
 - 1^{ffaa} Raas Dajan (4620 m.) – Naannoo Amaaraatti argama.
 - 2^{ffaa} Tulluu Diimtuu (4377m.) – Naannoo Oromiyaatti argama.
4. Lafa olka'oo diriiraan pilaatoo jedhama. Lafa dhooqaa diriiraan immoo lafa dakee jedhama.
5. Fakkii 3.5 irraa teessuma lafa olka'oo Arsii-Baalee fi Shawaa akkasumas teessuma lafa dakee Sumaalii fi Booranaa barattootatti agarsiisaa haala naannootiin walqabsiifamee haa ibsamuuf.
6. Fakkii 3.6 fayyadamuun agarsiisaa.
7. DanaanSulula Qiinxaamaa Guddaa – qaruuraa fakkaata. Teessumni lafa Sulula Qiinxaamaa – lafa dhooqaa Danaakil, harawwan fa'a.

- **Qaamman Bishaana’oo Itoophiyaa**
 - **(Wayitii Ramadame: 3)**
- **Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa**
- **Barattootni mata duree kana baratanii erga xumuranii**

booda:

- Laggeen gurguddoo Itoophiyaa ni tarreessu;
- Harawwan gurguddoo Itoophiyaa lafa olka’oo fi Sulula Qiinxaamaa ni himu;
- Kallattii yaa’insaa laggeen gurguddoo kaartaa Itoophiyaa irraa ni agarsiisu;
- Bakkeewwan argama harawwanii kaartaa Itoophiyaa irraa ni agarsiisu.

▪

Qophii Duraa

- Kitaaba barataa kutaa kanaa, kitaaba barataa sadarkaa barnootaa garagaraatiif qophaa’ee fi kitaabilee wabii mata duree kanaanwalitti dhufeenya qaban dabalataan dubbisuun hubannoo keessan cimsadha.
- Kaartaa Fiizikaala Itoophiyaalaggeen gurguddoo fi kallattii isaan itti yaa’an, akkasumas bakkeewwan harawwan lafa olka’oo fi Sulula Qiinxaamaa itti argaman agarsiisu qopheeffadha.
- Chaartii maqaa laggeen gurguddoo Itoophiyaa fi kallattii yaa’insa isaanii, akkasumas harawwan Itoophiyaa lafa olka’oo fi Sulula Qiinxaamaa keessatti argamanii agarsiisu qopheeffadha.
- Woorkishiitii qaamman bishaana’oo: kallattii yaa’insa laggeen Itoophiyaa fi maqaa laggeenii kallatti kanatti yaa’anii, harawwan lafa olka’oo fi Sulula Qiinxaamaa agarsiisu qopheeffadhaa.

▪

Mala Baruu-Barsiisuu


- Baacoo mata duree kanaan wal qabatubarattootatti himuun barattoota sissi’eessaa. Fakkeenyaaaf jecha bishaan jedhu barataa/tuu fuuldura taa’utti/teessutti gurratti ususa. Barataan/ttuun jalqabaa jecha bishaan jedhu barataa/tuu isa/ishee 2^{ffaaf}, barataa/tuu 2^{ffaan} immoo barataa/tuu isa/ishee 3^{ffaaf} jechaa hanga dhumaatti gurratti walitti haa ususan. Wayita barattoonni walitti ususan kanneen cinaa jiran jecha kana dhaga’uu hin

qaban.Barattooni dafanii walitti ususuu qabu.Barataa/ttuudhuma irra jiru/tu jecha isa/ishee bira gahe gaafadha.Jecha bishaan jedhu osoo hin taane jecha biraas isinitti hima/ti.

- Gaaffii marii mata duree barannoo kana jalatti kennaman barattooni gareen irratti akka mari'atan taasisaa.Wayita isaan mari'atan garee irra deemuun hordofuun qajeelchaa. Barattootni hundin hirmaachuu isaanii mirkaneeffadha. Yaadota barattooni gareen irratti mari'atan dabaree dabareen akka dhiheessan godhaa.
- Yaada marii barattooni dhiheessan irraa ka'uun waa'ee qaamman bishaana'oo Itoophiyaa, laggeen gurguddoo fi kallattiwwan itti yaa'an, harawwan, lafa olka'oo irratti fi Sulula Qiinxaamaa Guddaa keessatti argamanii bal'inaan ibsuufiin akka qayyabatan gargaaraa.
- Woorkishiitii qaamman bishaana'oo qopheeffattan barattooni akka hojjatan gareedhaan qoodaafii.Barattooni akkamitti akka hojjatan fakkeenya tokko itti agarsiisaa.Dabaltaanis, wayita isaan gareen hojjatan qajeelchaa.Tokkoo tokkoon garee hojii isaaf kennname xumuruu isaanii mirkaneeffadha.Barattooni deebii isaanii bakkeewwan mallatloo gaaffitiinagarsiifametti guutandabareen akka ibsan carraa kennafi.Dhuma irrattis, garee hojiin isaanii sirrii ta'e jajjabeessa.Kanneen dogoggoran immoo akka sirreffatan chaartii qaamman bishaana'oo lafa Itoophiyaa agarsiisuu irraa itti agarsiisaa.
-

- *Woorkishiitii qaamman bishaana'oo irratti qophaa'e:*
-
- **Deebii Gocha 3.1.**
- **Karolee argamni biyyaa itti ibsamu**

- 1 Argama bir-qabaati.
- 2 Argama astiroonoowmiiti.
 - Dhuma barannoo irratti gaaffilee woorkishiitii qaamman bishaana'oo irratti qophaa'e fayyadamuun dandeettii barataa/tuu iyyafadhu. Qabxii tokkoo tokkoon barataa/tuu argate/tte gal mee jijiirama dandeettii barachuu barattooni guyyaa guyyaan agarsiisaan irratti galmeessi.
 - Bu'aa tokkoo tokkoon barataa/tuu galmeesse/itte dandeettii barachuu isa xiqqaa lafa kaa'ame wajjin wal bira qabuun madaali.



Deebii Gilgaala 3.4

Deebii Sirrii kenname

1. Biqiltuu dhaabuu, daagaa ijaaruu, dalga qotuu fa'a
2. Laga Abbayyaati. Naannoo Beenishaangul-Gumuuz keessatti argama.
3. Bishaan dhugaatii, jallisii, geejiba, qurxummii horsiisuu, humna ibsaa fa'a.
4. Bishaan, bubbee, boba'aa fa'a. Humna ibsaa bishaaniti.
5. Gibee, Waabee Shaballee, Fincaa'aa, Balas, Takazee, Hawaas fa'a.
6. Baay'ee bal'aan – Xaanaadha. Baay'ee gadi fagoo – Shaallaadha.
7. Laggeen baay'een Teessuma Lafa Kaaba Dhihaa keessatti argaman.

- ***Bineeldota Itoophiyaa***
- ***(Wayitii Ramadame: 2)***
- ***Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa***
- ***Barattootni mata duree kana baratanii erga xumuranii booda:***

- Bineensota Itoophiyaa keessatti qofa argaman muraasa maqaa ni tarreessu;
- Bakkeewwan argama bineensota Itoophiyaa keessatti qofa argamanii muraasa kaartaa Itoophiyaa irraa ni agarsiisu;
- Paarkiiwwan bineensonni Itoophiyaa keessatti qofa jiraatanii keessatti argaman muraasani himu.

-
- ***Qophii Duraa***

- Kitaaba barataa sadarkaa barnootaa garagaraatiif qophaa'ee, poostarootaa fi kitaabilee wabii mata duree kanaan walitti dhufeenya qaban dabalataan dubbisuun hubannoo keessan cimsaa.
 - Kaartaa fizikaala Itoophiyaa faca'insa bineensota Itoophiyaa agarsiis uqopheeffadhaa.
 - Suuraa, fakkii yookiin moodeela bineensota Itoophiyaa keessatti qofa argamanii walitti qabuun qopheeffadha.
-

■ **Mala Baruu-Barsiisuu**

- Mata duree barannoo “*Bineensota Itoophiyaa*” jechuun gabatee boronqii irratti barreessaa. Barattooni sagalee bineensota beekanii dabareen akka dhageessisan gaafadha. Barattoota garee xixiqqotti qooda. Gaaffii marii mata duree barannoo kana jalatti kennaman “*Garaagarummaan bineensotaa fi beeyiladootaa jidduu jiru maali? Bineensota naanno keetitti argaman maqaa fi bifaa isaanitiin ibsi. Bineensonni Itoophiyaa keessatti qofa argaman maal fa'a?*” barattooni gareen irratti akka mari'atan taasisaa. Wayita isaan mari'atan garee irra deemuun hordofuunqajelchaa. Barattooni hundinuu hirmaachuu isaanii mirkanoeffadha.
 - Yaadota barattooni gareen irratti mari'atan dabaree dabareen gaafadhaatii yaada isaanii gabatee boronqii irratti barreessaa. Yaadota barattooni kennan isaan sirrii ta'an kan kitaaba barataa keessatti kennamaniin walqabsiisuun waa'ee bineensota Itoophiyaa keessattiqofa argamanii fi bakkeewwan itti argaman ibsaafiitii akka qayyabatan taasisaa.
-
-
-

■ **Madaallii**

- Dhuma barannoo irratti gaaffilee:

□ Bineensonni Itoophiyaa keessatti qofa argaman eenyu fa'a?

- Bineensonni yoo badan faayidaan nuti dhabnu maali?
- Bineensota akkamitti kunuunsuu dandeenyaa? Jedhan gaafachuun hubannoo barattootaa madaaluun mirkaneeffadha.
-

Deebii Gilgaala 3.5

Deebii Sirrii kenname

1. Bineesonni gamtaan jiraachuu kan filataniif:
 - Diina of-irraa ittisuuf,
 - Gamtaan ta'anii adamoo gaggeessuu fa'aaf tuutaan jiraatu.
2. Rakkolee gurguddoон bineensota naannoo keenyaa:
 - Adamoo seeraan alaa bineensota irratti gaggeessuu
 - Bakki jirenya bineensotaa manca'uu
 - Nyaanni bineensotaa horii manaatiin qorqamee dhumuu fa'a
3. Bineesonni biyya keenyaa yoo badan faayidaan nuti dhabnu:
 - Madda galii
 - Carraa hojii fa'a dhabna.
4. Tooftaalee bineensota naannoo keenyatti argaman ittiin kunuunsinu:
 - Faayidaa bineensotaa ummata barsiisuu
 - Adamoon seeraan alaa dhaabuu
 - Bakka jirenya bineensotaa tutuqaa namaa fi horii irraa bilisa gochuu fa'a.

-
-

- **Ummata Itoophiyaa**

- **(Wayitii Ramadame: 10)**

- ***Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa***

- Barattootni mata duree kana baratanii erga xumuranii booda:


- Baay'inaa fi saffisa ida'insa ummata Itoophiyaa bara wajjin ni himu;
- Itoophiyaa keessatti naannoo ummanni itti haphinaa fi hedduumminaan irra jiraatu addaan baasuun ni ibsu;
- Dhiibbaa saffisaan baay'achuun ummataa guddina biyyaa irratti qabu ni ibsu;
- Haala faca'insa ummata Itoophiyaa naannoon, umuriin, saalaan, amantii fibakkeewwan jireenyatiingargar baasanii ni addeessu;
- Haallan naannoo ummanni haphinaan irra jiraatanii fi hedduumminaan irra jiraatanii ni himu.

- **Qophii Duraa**

- Kitaaba barataa kutaa kanaa, kitaaba barataa sadarkaa adda addaatiif qophaa'anii, kitaabilee wabii mana kitaabaa kee keessan jiran, poostaroota adda addaa fi gaazexaawwan odeeffannoonaanii barannoo mata duree kanaatiin walqabatu dubbisuun hubannoo keessan cimsadha.
- Kaartaa Itoophiyaa naannoo ummanni haphinaan irra jiraatuu fi hedduumminaan irra jiraatu agarsiisu qopheeffadha.
- Baar-giraafota baay'ina ummataa baraan, naannoo fi umuriin agarsiisu qopheeffadha.
- Piraamidii ummata Itoophiyaa saalaa fi umriin agarsiisu qopheessa.
- Mata duree "Dhiibbaa Baay'inni Ummataa Guddina Biyyaa Irratti Qabu" irratti Ogeessa dhimma ummataa irratti hojjatu (ekteensiinii fayyaa) gandakee keessa jiru affeeruun akka barsiisan haala mijeessaa.
- Barattoota mata duree "Dhiibbaa saffisaan dabaluun ummattaa guddina biyyaa irratti qabu" jedhu bifaa diraamatiin yookiin gahee taphachuutiin shaakalanii dhiheessuu danda'an filaatiakka qophaa'an haala mijeessaa.

- **Mala Baruu-Barsiisuu**

- Mata duree barannoo “***Ummata Itoophiyaa***” jechuun gabatee boronqii irratti barreessaa.Taphamata dureen wal qabatu barattootatti himaa yookiin barattoonni akka himan affeeraa.Fakkeenyaaf barattoonni jechoota:“saffisa, ummataa, wayitii, dabaluu, namoota, uumamaa fi bosonaa” gabatee keessatti dagalee barreessun jecha “UMMATAA” jedhu saarbii irratti akka uuman deeggara.Akkamitti akka hojjatan fakkeenya tokko itti agarsiisaa.



- Itti aansuun barattoota

garee baay’ina miseensota walqixa qabanitti qooda.Gaaffii marii mata duree barannoo xixiqqoo kana jalatti kennaman irratti akka mari’atan tokko tokko qoodaafii Wayita isaan mari’atan irra deemuun hordofuunqajeelchaa.Barattoonni hundinuu hirmaachuu isaanii mirkaneeffadhaa.Garee duraa irraa barataatokko tokko kaasuun garee haaraa ijaaraa.Qabxii garee duraa keessatti irratti mari’atan dabaree dabareen yaadannoo isaanii irraa akka walii ibsan taasisaa.Qabxii barattoonni walii ibsanyaada kitaaba barataa keessatti kennamewajjin walqabsiisuun ibsaafii.

- Kaartaa Itoophiyaa faca’iinsa ummataa agarsiisuu irraa barattoonni dabareen ka’anii naannoo ummanni haphinaan irra jiraatuu fi hedduumminaan irra jiraatu akka agarsiisaan haala mijeessaa.

- Baar-giraafii baay'ina ummataa naannolee fi umrii agarsiisuu fayyadamuun faca'insa ummata Itoophiyaa ibsaafii. Itti aansuun piraamidii faca'iinsa ummata Itoophiyaa umrii fi saalaan agarsiisu ibsuufiin akka qayyabatan gargaaraa.
- Piraamidiin ummata Itoophiyaa jalli isaa bal'aa fi gubbaan isaa dhiphaa ta'uun, ummanni Itoophiyaa amaloota armaan gadii qabaachuu isaanii sirriitti ibsuufiiniti agarsiisaa.
- Baay'inaumma Itoophiyaa guddaanjoollee ta'uun
- Baay'inni ummata Itoophiyaa fuuladuraa kan amma jiru ol ta'uun
- Aadaankaroora maatiitti fayyadamuu ummata Itoophiyaa laafaa ta'uun
- Dheerinni umurii jireenyaa ummata Itoophiyaa xiqqaa ta'uun
- Baay'inni herkattootaa (ijoollee fi manguddootaa) guddaa ta'uun
- Baay'inni hojjattootaa (gaheessotaa) xiqqaa ta'uun
- Baay'inni dhiiraa fi dubartootaa akka waliigalaatti walqixa ta'uun hubachiisa.
 - Barattoonni barannoo “Dhiibbaa saffisaan dabaluun ummataa guddina biyyaa” jedhu irratti diraamaa qopheessan bifa gahee taphachuutiin akka dhiheessan godhaa.
 - Dhuma irratti keessumman affeerame qabxii affeerame irratti barattootaaf akka ibsakennantaasisaa. Ummanni karoora maatii fayyadamee baay'ina ijoollee horatu galii argatu wajjin walsimsiisuu akkamitti akka danda'u irratti barattoonni hubannoo gahaa akka argatan taasisaa. Dhiheessi keessumaa affeeramee wayita xumuramu barattoonni ogeessa ibsa isaaniif kenne karaa hayyu-daree isaanitiin akka galateeffatan godhaa.
- **Madaallii**

- Dhuma barannoo gaaffilee qopheeffattanii fi gilgaala kitaaba keessatti kennaman hojjechuu isaanii hordofuun madaalaa hubannoo barattootaa mirkanoeffadhaa.
- Bu'aa tokkoo tokkoon barataa/tuu galmeesse/itte dandeettii barachuu isa xiqqaa lafa kaa'ame wajjin wal bira qabuun walitti fufinsaan madaalaa.

Deebii Gilgaala 3.6

Deebii Sirrii kenname

1. Baay'inni ummata Itoophiyaa bara:
 - 1977 – 39,868,572 ture.
 - 1987 – 53,477,265 ture.
 - 1999 – 73,918,505 ture.
2. Garaagarummaan baay'ina ummataa kan bara:
 - 1977 fi 1987 gidduu jiru: $53,477,265 - 39,868,572 = 13,608,693$
 - 1987 fi 1999 gidduu jiru: $73,918,505 - 53,477,265 = 20,441,240$
3. Garaagarummaan baay'ina ummataa guddaan kan galmaa'e bara 1987 fi 1999 gidduutti.
4. Bara 1977 hanga 1987tti, baay'inni ummattaa giddugaleessan waggaatti namoota $13,608,693 / 10 = 1,360,869'n$ dabale
Bara 1987 hanga 1999tti immoobaay'inni ummattaa giddugaleessan waggaatti namoota $20,441,240 / 10 = 2,044,124'n$ dabale

Deebii Gilgaala 3.7

Deebii Sirrii kenname

1. Saffisaan ida'amuun baay'ina ummata Itoophiyaa guddaan baroota 1977 – 1987 gidduutti.
2. Waggaa tokko keessatti, namoota 100 keessaa daa'immangara 3 tti siqatu dhalate
3. Sababa garaagarummaan baay'ina ummataa dabaleef, hangi namoota dhalatanii dabalaa dhufuu fi hangi namoota du'anii garuu xiqlaachaa deemudha.

■ ■ ■

Deebii Gilgaala 3.9

Deebii Sirrii kenname

1. Rakkoon maatii ijoollee baay'ee qaban muudatu:
 - Hanqina midhaan nyaataa - rakkina eegumsa fayyaa
 - Hanqina uffataa - carraa barnootaa dhabuu
 - Hanqina mana jireenyaa fa'a.
2. Bosonni yoo cirame gabbinni biyyee, baay'inni bineensotaa fi hammi roobaa xiqqaachaa deema.
3. Ummanni yoo dabale, fedhiin tajaajila hawaasummaa, mana jireenyaa fi lafa qotiisaa dabalaa deema.

Deebii Gilgaala 3.10

Deebii Sirrii kenname

1. Haallan mijaaatan bakkeewwan ummanni hedduumminaan irra jiraatuu:
 - qilleensi baramaa fi teessumni lafaa mijaa'aa
 - biyyee gabbataa
 - uwvisa biqiloota fi tajaajila hawaasummaa gahaa ta'uu fa'a.

Bakkeewwan ummanni haphinaan irra jiraatu keessatti immoo wantoonni armaan olitti ibsaman guutamanii hin argaman.
2. Bakkeewwan ummanni hedduumminaan irra qubatee jiru: Geedi'oo, Kambaataa Xambaarroo fi Sidaamaa, Walaayittaa, Haadiyyaa, Guraagee, Arsii Lixaa, Shawaa Bahaa, Jimmaa fi Harargee Bahaa fa'a.
3. Bakkeewwan ummanni haphinaan irra qubatee jiru: Anyuwaak, Waardar, Matakkal, Kamaashii, Affaar, Itaangi, Asoosaa, Akooboo, Kooraahjee fi Fiiqii fa'a.

Deebii Gilgaala 3.11

Dhugaa yookiin Soba Filannoo

1. Soba	1. D	11. C
2. Soba	2. B	12. D
3. Soba	3. D	13. C
4. Soba	4. A	
5. Dhugaa	5. B	
6. Soba	6. D	
7. Soba	7. C	
8. Dhugaa	8. A	
9. Soba	9. C	
10. Dhugaa	10. A	

■ 3.2 Sochiiwwan Dinagdee Gurguddoo Itoophiyaa

■ (Wayitii Ramadame: 30)

- Qonna(Wayitii Ramadame: 10)**
- Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa**
- Barattootni mata duree kana baratanii erga xumuranii booda:**

- Qonna lafa qotuu, horii horsiisuu fi walmakaatti quoduun ni ibsu;

- Meeshaalee beekamoo hojii qotiisaa fi horsiisa horiitiif oolan addaan baasuun ni himu;
- Faayidaalee qonna Itoophiya ni ibsu;
- Naannoolee Itoophiyaa sochiinqotiisaa,horsiisa horii fi qonna walmakaa bal’inaan keessatti adeemsifamu kaartaa Itoophiyaa irraa ni agarsiisu;

■ **Qophii Duraa**

- Kitaaba barataa kutaa kanaa, kitaaba barataa sadarkaa adda addaatiif qophaa’anii fi kitaabilee wabii mana kitaabaa odeeffannoon isaanii barannoo mata duree kanaatiin walqabatu dabalataan dubbisaa.
- Meeshaalee deeggarsa barnootaa barannoo mata duree kanaa qabatamaa gochuu danda’ankaartaa Itoophiyaa bakkeewwan lafa qotiisaa, horsiisa horii fi qonna walmakaa agarsiisuqopheeffadhaa.

■ **Mala Baruu-Barsiisuu**

- Mata duree barannoo “*Qonna Itoophiyaa*” jechuun gabatee gurraacha irratti barreessaa.Sirba, weedduuyookiin oduu durii horii, qotee bulaa/horsiisee bulaa, ooyiruu fa’a faarsu barattoonni akkaataa naannoo isaaniitti akka dhiheessan taasisaa.Gocha mata duree barannoo kana jalatti kennname “*Lafa qotiisaa fi horsiisa horii*” *keessaa bu’aqabeessa kan ta’e isa kam akka ta’e*” jedhu irrattibarattoonni gareen akka irratti walfalaman taasisaa.Wayita isaan mari’atan walfalman hordofuun qajeelchaa.
-
-
-
- Qabxiilee barattoonni falmii irratti dhiheessan gabatee gurracha rratti barreessaa. Qabxilee sirrii barattoonni kennanyaada kitaaba barataa keessatti kennamaniin walqabsiisuun ibsaaffi. Yaadota dogoggora ta’an immoo sirreessaa deema.
- Kaartaa Itoophiyaa gosoota qonnaa agarsiisuu irraa barattoonni dabareen ka’anii bakkeewwan lafa qotiisaa, horsiisa horii fi qonna walmakaaitti beekamu akka agarsiisaan taasisaa. Barattoonni meeshaalee lafa ittiin qotan fakkii 3.18 irratti agarsiifaman fayyadamanii mooraa mana barumsaa keessatti hojii lafa qotanii madabii (plot) qopheessuu, midhaan sanyii gosa adda addaa facaasuu

yookiin biqiltuu adda addaa dhaabuu fi kunuunsuukeessatti akka hirmaatan gochuun haala mijeessaa.



■ **Madaallii**

- Barattoonni mooraa mana barumsaa keessatti ciminaa fi bu'aa hojii madabii (plot) qopheessuu, sanyii gosa adda addaa facasuu yookiin biqiltuu garagaraa dhaabuu fi kunuunsuu keessatti agarsiisaaniinmadaalaa.
- Barattoonni gaaffilee gilgaala kitaaba irratti kennameef hojjechuu isaanii, hirmaannaa falmii keessatti taasisaan hordofaatii madaaluun hubannoo isaanii mirkaneeffadha.



■ **Deebii Gocha 3.6**

- Gosoota qonnaa sadan keessaa isa kamtu bu'a qabeessa? Gaaffii jedhuuf xumurarratti deebii armaan gadii kenniif.
- Gosootni sadanuu ciminaan hojjennaan bu'a qabeessa akka ta'an hubachisi.



-
-
-
-
-
-
- **Industirii (Wayitii Ramadame: 6)**
- *Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa*
- *Barattootni mata duree kana baratanii erga xumuranii*

booda:

- Faayidaa industirii ni ibsu;
- Industirii godoo, sasalphaa fi gurguddaa jechuun ni quodu;
- Itoophiyaa keessaa naannoowwan industiriin baay'inaan keessatti argaman addaan baasuun ni himu;
- Fakkeenyota industiriwwan sasalphaa fi gurguddoo Itoophiyaa ni tarreessu;

■ Qophii Duraa

- Kitaaba barataa kutaa kanaa, kitaaba barataa sadarkaa adda addaatiif qophaa'ee fi kitaabilee wabii mata duree kana ibsan dabalataan dubbisuun hubannoo keessan cimsadha.
- Suuraa yookiin fakkii industirii godoo fi meeshaalee isaan oomishan qopheeffadhaa.
- Kaartaa Itoophiyaa naannolee industiriin ammayyaa baay'inaan keessatti argaman agarsiisu qopheeffadha.
- Woorkishiitii gosoota industirii fi oomisha isaanii baratoonni walitti firoomsan qopheeffadhaa..

-
- **Mala Baruu-Barsiisuu**
- Mata duree barannoo “*Industirii Itoophiyaa*” jechuun gabatee gurraacha irratti barreessaa. Gaaffilee marii mata duree kanaatti aananii jiran “*Industiriin jechuun maali? Faayidaan industirii maal fa'a?* *Akaakuu/gosa industirii meeqatu jira?*” jedhu irratti diqiqaan muraasaaf baratoonni yaada akka wal jijiiran godhaa. Baratoonni

marii garee osoo hin eegaliin dura barattoonni hojii harkaa naannoo isaanii jiru daawwachuudhaan akkaataa itti hojjetamu haala diraamatiin akka dhiheessan qajeelchi. Wayita barattoonni marii garee gaggeessan garee irra deemuun qajeelchaa. Barattoonni hundinuu hirmaatanii hubannoo gahaa akka argatan taasisaa. Barattoonni gareenwaan irratti mari'atan dabaree dabareen akka ibsan gaafadhaa. Yaada tokkoo tokkoon barattoonni kennan gabatee gurraacha irratti barreessaa. Dhuma irratti, yaada waliigalaa kitaaba barataa keessa jiru yaadota barattoonni qixa sirriin kaasan wajjin walqabsiisuun mata duree industirii Itoophiyaa jedhu bal'inaan ibsuufiin hubachiisaa.

- Suuraa yookiin fakkii industirii godoo fi oomisha meeshaalee isaanii qopheeffattan barattootatti agarsiisuun barattoonni akka addaan baasannii himan taasisaa. Isinis ibsa dabalataa kennaafii.
- Woorkishiitii gosoota industirii fi oomisha isaanii irratti qopheeffattan dhuunfadhaan yookiin gareedhaan akka shaakalan barattootaa qooda. Akka hojjetan deeggarsa godhaafi.

▪ **Madaallii**

- Hojiiwan ogummaa harkaa industirii godoo jedhaman maal fa'a?
- Oomisha industirii godoo hawaasni naannoo itti fayyadaman ibsi
- Gosti industiriin kaappitaala/maallaqa guddaa barbaadu kami? jedhubarattoota gaafachuun sadarkaa hubannoo isaanii madaaluun mirkaneeffadha.

▪ **Deebii Gocha 3.8**

- Ogummaawan harkaa kanneen akka sibiila tumuu, wayya dhahuu, suphee tolchuu, gogaa duuguu fa'i. Haala diramaan dhiheessuu isaanii mirkaneeffadhu.

Deebii Gilgaala 3.11

Deebii Sirrii kenname

1. Hojiwwan ogummaa harkaa industirii godoo jedhaman:
 - Sibiila tumuu
 - Huccuu dhahuu
 - Gogaa duuguu
 - Suphee dhahuu fa'a.
2. Oomisha industirii godoo hawaasni naannoo fayyadaman:
 - Hubboo
 - Maarshaa
 - Bullukkoo fa'a.
3. Haala qabatama naannoo isaanii irratti hunda'uun deebiin isaanii adda
adda ta'uu danda'a.

■

Deebii Gilgaala 3.12

Filannoo

1. A
2. C
3. B
4. A

-
-
-
-
- ***Tuuriizimii(Wayitii Ramadame 1)***
- ***Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa***
- ***Barattootni mata duree kana baratanii erga xumuranii***

booda:

- Faayidaa tuuriizimii ni ibsu;
- Biyyittii keessatti bakkeewwan turistii haawwachuun beekaman ni himu.

-

■ ***Qophii Duraa***

- Kitaaba barataa kutaa kanaa, kitaaba barataa sadarkaa barnootaa garagaraatiif qophaa'ee, poostaroota, fakkii/suuraa fi kitaabilee wabii mata duree kanaan walitti dhufeenya qaban dabalataan dubbisa.

- Kaartaa Itoophiyaa, suuraa, fakkii yookiin moodeela bakkeewwan Itoophiyaa tuuristii haawwachuun beekaman agarsiisu qopheeffadha.

▪

■ **Mala Baruu-Barsiisuu**

- Mata duree barannoo “*Tuuriziimii Itoophiyaa*” jedhu gabatee gurraacha irratti barreessaa. Gaaffii marii mata duree barannoo kanaatti aananii jiran “*Turiizimiin maali? Wantoonni turiistoota hawwatan maal fa'a? Faayidaan turiizimii maal fa'a? Turiizimiin akkamitti misooma biyyaa guddisa?*” jedhu irrattibarattoonni garee xixiqqaan irratti akka mari'atan godhaa. Wayita isaan mari'atan garee irra deemuun hordofuun qajeelchaa. Yaadota barattoonni gareen irratti mari'atan dabaree dabareen akka deebii kennan gochuun deebii isaanii gabatee gurraacha irratti barreessaa. Yaadota barattoonni kennankan kitaaba barataa keessatti kennamaniin walqabsiisuun waa'ee faayidaa turiizimii fi bakkeewwan turiistoota haawwataniibsaafii. Kana booda barattoonni naannoo isaanii keessatti wantoota hawwataa ta'an daawwachuun barreeffaman dareef akka dhiheessan qajeelchaa.

■ **Madaallii**

- Dhuma irratti gaaffilee qopheeffattanii fi gilgaalota kitaaba irratti kannaman fayyadamuun madaalaa.

Deebii Gilgaala 3.13

Deebii Sirrii kenname

1. Turiizimiin sochii bakka tokkoo bakka biraan deemuun wantoota nama haawwatan daawwachuu fi bashannanuuti.
2. Faayidaa turiizimiin guddina misooma Itoophiyaatiif qabu:
 - Maallaqa biyyaa alaa argamsiisuu
 - Namoota naannootiif carraa hojji uumuu
 - Aadaa Itoophiyaa biyyoonni biroo akka beekan taasisuu
 - Hubannoo namoonni waa'ee Itoophiyaa irratti qaban fooyyeessuu fa'a
3. Garaagarummaan bareedina waan ta'eef tuuristii baay'ee haawwata.

- **Daldalaa fi Geejjiba**(Wayitii Ramadame: 6)
- **Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa**
- **Barattootni mata duree kana baratanii erga xumuranii booda:**

- Faayidaa daldalaa ni ibsu
- Gosoota daldalaa kan biyya keessaa fi biyya alaa jechuun ni quodu
- Fakkeenyota daldala keessaa fi alaa ni kennu
- Gahee geejjibni misooma biyyaatiif qabu ni himu
- Akaakuu geejjibaa ni tarreessu.

■ Qophii Duraa

- ♦ Kitaaba barataa kutaa kanaa, kitaaba barataa sadarkaa adda addaatiif qophaa'ee fi kitaabilee wabii mata duree kana ibsuu danda'an dabalataan dubbisuun hubannoo keessan cimsa.

- Kaartaa Itoophiyaadaldala biyya keessaa fi biyyaa alaa agarsiisu qopheeffadhaa.
- Suuraa, fakkii yookiin moodeela akaakuu geejjibaa agarsiis uqopheeffadhaa.

■

■

■ Mala Baruu-Barsiisuu

- Mata duree barannoo “*Daldalaa fi Geejjiba Itoophiyaa*” jedhu akkamitti akka baratan ibsa gabaabaa barattootaa kennaafi. Barattoonni dareedhaa gadi bahanii gabaa yookiin suuqii naannoo mana barumsa isaanittiar gamu akka daawwatan godhaa. Waan gabaa yookiin suuqii keessatti argan hunda yaadannoo isaanii irratti akka barreeffatan itti hima. Akkasumas, akaakuu geejjibaa naannoo isaanii keessa socha’an akka daawwatan taasisaa. Barattoonni daawwii dirree xumuranii wayita dareetti deebi’an gaaffilee marii mata duree kana jalatti jiranwaan dirree irratti daawwatan wajjin wal bira qabanii diqiiqaa muraasaaf akka yaada wal jijiirantaasisaa. Akkamitti akka mari’atan garuu qajeelfama baay’ee ifa ta’e kennaafi. Wayita barattoonni marii gaggeessan garee irra deemuun qajeelchaa, barattoonni hundinuu akka hirmaatan deeggaraa.
- Dhimmoota gareentokko irratti mari’ategaree birootiif akka ibsan godhaa. Xumura irratti yaadota kennaman fakkii/suuraa fi kaartaa daladala Itoophiyaa fayyadamuunittiagarsiisaa. Maalummaa daldalaa, daldala biyya keessaa fi alaa, maalummaa geejjibaa fi akaakuuwwan geejjiba dachee irraa, bishaan irraa fi qilleensaa bal’inaan ibsuun akka hubatan taasisaa.

■

■ Madaallii

- Gosa oomishaa baadiyyaadhaa magaalaatti daldalamansaddeetbarreesi.
- Gosa oomishaa magaalaat baadiyyaatti daldalamanjaha tarreessi.
- Oomisha Itoophiyaan gara alaatti ergituu shan himi.

- Oomisha Itoophiyaan biyya alaa biyya keessatti galchitu afur ibsigaaffilee jedhu gaafadhaatii hubannoo isaanii madaaluun mirkaneeffadha.

Deebii Gilgaala 3.14

Deebii Sirrii kenname

1. Gosti oomishaa:
 - Baadiyyaadhaa magaalaatti daldalamu – bu’aa qonnaa kan akka midhaan nyaataa, fuduraa, horii fi bu’aa horii fa’aa.
 - Magaalaadhaa baadiyyaatti daldalamu – bu’aa industirii kan akka uffataa, meeshaalee manaa fi meeshaalee qonnaa fa’aa.
2. Mi’oota Itoophiyaan:
 - Gara alaatti ergituu-buna, foon, horii, warqii, saliixa, abaaboo fa’aa.
 - Gara keessatti galchitu-mootoora konklaataa, maashinoota, qoricha, boba’aa, meeshaalee iijaarsaa fa’aa.

-
-
-

Deebii Gilgaala 3.15

Deebii Sirrii kename

- A. Bakka hundatti kan argamu horii fe'iisaati.
- B. Yeroo gabaabaa keessatti bakka barbaadame kan gahu xiyyaara.
- C. Ba'aa yookiin namoota baay'ee kan baachuu danda'u baabura.
- D. Gati salphaan bitamuu kan danda'u horii fe'iinsati.

Deebii Gilgaala 3.16

Deebii Sirrii kename

- 1. Gatiin taarifa geejiba bishaanii gatii taarifa konkolaataa fi baaburaatii gadiidha.
- 2. Dooniin konkolaataa fi baabura caalaa ba'aa guddaa fe'u ni danda'a.
- 3. Sababa laggeen Itoophiyaa tajaajila geejibaatiif hin oolle:
 - Lafa olka'oo irraa waan gadi yaa'uuf gootuu fi fincaa'aawwan qabaachuu.
 - Hangi bishaan isaanii gannaa ni dabala, bonaa garuu ni xiqqaata.
 - Sulula laggeen dhiphaa qabu.

- - **Teeknooloojii (Wayitii Ramadame: 7)**
 - **Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa**
 - **Barattootni mata duree kana baratanii erga xumuranii booda:**

- Faayidaateeknooloojii ni ibsu;
- Akkaataa teeknooloojiin qonnaa, industirii, odeeffannoo fi qunnamtii hojii irra oolu ni himu;
- Hojii hodhaa ni shaakalu;
- Hojiiwan harkaa sasalphaa naannoo isaanitti argamu hojjechuun nishaakalu.

- - **Qophii Duraa**

- Kitaaba barataa kutaa kanaa, kitaaba barataa sadarkaa adda addaatiif qophaa'anii, kitaabilee wabii mana kitaabaa, poostaroota adda addaa odeeffannoonaanii barannoo mata duree kanaatiin walqabatu dabalataan dubbisuun hubannoo keessan cimsadhaa.
- Fakkii, suuraa, moodeela yookiin wanta dhugaa bu'aa teeknooloojii qonnaa, industirii, odeeffannoo fi qunnamtii agarsiisu qopheeffadhaa.
- Wantoota naannootti argamanii barattoonni ittiin shaakalan kan akka waraqaa, mukaa, biyyee/suphee, huuccuu, sibiila, gogaa, limmoo, foo'aa/kirrii, gaafa horii fa'a walitti qabuun qopheeffadhaa.
- Woorkishiitii fakkii teeknooloojii qonnaa, industirii fi odeeffannoo fi qunnamtii kan aadaa fi ammayyaa agarsiisu qopheeffadhaa.
- Mata duree kana irratti namootahojii ogummaa harkaakeessa hojjechaa jiranii fi naannoo keetitti argaman affeeroon haala mijeessaa.

- - **Mala Baruu-Barsiisuu**

- Mata dureen barannoo "*Teeknooloojii*" jedhugabatee gurraacha irratti barreessuun yaada isaa fi gochaalee barataa ibsaafii. Barattoonni dareedhaa gadi bahanii hojii ogummaa harkaa naannoo isaanii akka

daawwatan godhaa.Waan yeroo daawwiargan hunda yaadannoo isaanii irratti akka barreffatan itti hima.Gaaffilee marii ***Teeknooloojiin maali? Teeknooloojiin maaliif fayyada? Teeknooloojiin jirenyaa akkamitti fooyyeesa***? jedhan bu'ureeffachuunwaan daawwatan irratti akka wal falman taasisaa. Falmiin isaanii midhaa fi bu'aa teeknolojiirratti akka xiyyeefatu taasisaa. Yaadota barattoonni walfalman irratti dabalataan kan kitaaba barataa keessa jiraniinwalqabsiisuun ibsa dabalataa kennaafii.

- Barattoonni fakkii, suuraa, moodeela yookiin wantoota qabatamoo bu'aa/meeshaaleehojii ogummaa harkaa ta'an kanneen ijaan ilaalanii/harkaan qaqqabanii hubatanitti gargaaramuun hojii kana shaakaluuf kaka'uumsa akka horatan itti agarsiisaa.Wantoota meeshaalee kun irraa hojjetamanii fi teeknooloojii hojii kana xumuruuf oolan barattoonni agarsiisaa kana irraa ilaaluunaddaan akka baasan gargaaraa.
- Barattoonni wantootanaannoo isaanii keessatti beekaman meeshaalee mana, qonnaa, industirii, odeeffannoo fi qunnamtii kanneen bu'aa hojii ogummaa harkaa fi teeknooloojii sasalphaa ta'an leecalloo naannootttiargaman irraa(waraqaa, mukaa, biyyee/suphee, huccuu, sibiila, gogaa, limmoo, foo'aa/kirrii, gaafa horii fa'a) mana isaanitti yookiin daree keessatti akka shaakalan taasisaa.
- Barattoonni wayita hojii ogummaa harkaa fi mala jirenyaa shaakalan namoota hojii kana keessa hojjetan akka gaafatan yookiin namoonni hojii ogummaa harkaa qaban kun daree barattootaa dhufanii haala hojii barattootaaf akka ibsan affeeraa.Sadarkaa kanatti, barattoonni teeknooloojii hojii ogummaa harkaa sasalphaa ta'an irratti sirriittii shaakaluu qabu.Gara fuulduraa barattoonni hundi yookiin muraasni gosa hojii kanaan beekamoo ta'uu akka danda'an jajjabeessa.
- Dhuma irratti faayidaa teeknooloojiin dameewwan hojii adda addaa keessatti qabu, hojiwwan ogummaa harkaa kan akka suphee dhahuu,

sibiila tumuu, uffata dhahuu, guddina hawaasaa keessatti gahee guddaa qabaachuu fi barbaachisoo ta'uu isaanii hubachiisaa. Moodela isaas hojjetanii dareef akka dhiheessan taasisuun goolabaa.



■ **Madaallii**

- Shaakala meeshaalee hojii ogummaa harkaa fi teeknooloojii sasalphaa barattoonni hojiin agarsiisaan madaalaa.
- Gaaffilee gilgaalaa fi gochaa kitaaba kana keessattikennaman hojjechuu isaanii fi hirmaannaa isaan marii garee keessatti taasisaan hordofuun madaalaa hubannoo isaanii mirkaneeffadha.



■ **Deebii Gocha 3.10**

- Bu'aa teeknolojiitu caala isa jedhutu deebiidha
- Deebii Gocha 3.11. Moodala hojii harkaa barattootan hojjetaman
-
-
-
-

Deebii Gilgaala 3.17

Deebii Sirrii kenname

1. Akaakuwwan teeknooloojii sadidha. Isaanis:
 - Teeknooloojii qonnaa
 - Teeknooloojii industirii
 - Teeknooloojii odeeffannoo fi qunnamtii
2. Teeknooloojiin qonnaa oomisha baay'inaa fi qulqullinaan waan oomishuuf callaa qonnaani guddisa.
3. Teeknooloojiin qunnamtii fi odeeffannoo bakkeewwan daawwataman turistootaaf ni beeksisa, Turistoonni teeknolojiin fayyadamuun firootaa isaanii quunnamuun bakkewwan daawwataman beeksisuu ni danda'u.

Deebii Gilgaala Xumuraa

Dhugaa yookiin Soba Filannoo

- | | |
|------------|-------|
| 1. Dhugaa | 1. B |
| 2. Dhugaa | 2. B |
| 3. Dhugaa | 3. C |
| 4. Soba | 4. C |
| 5. Soba | 5. D |
| 6. Soba | 6. B |
| 7. Dhugaa | 7. D |
| 8. Dhugaa | 8. D |
| 9. Soba | 9. C |
| 10. Dhugaa | 10. B |

■ **BOQONNAA AFUR**

■ **NAANNOO HAWAASUMMAA**

KEENYAA

(Wayitii Ramadame 45)

■ **Bu'aawwan Barnoota Boqonnichaa**

■ *Barattooni adeemsaa fi xumura barnoota boqonnaa kanaatti:*

- Dabareewwan seenaa Itoophiyaa sadarkaa addunyaatti beekaman maqaa dhahuun barbaachisummaa isaanii ni ibsu;
 - Maalummaa aadaatii fi haallan aadaa ibsan tokko tokko ibsuu ni danda'u;
 - Maatiwwan afaanota Itoophiyaa himuun tokkoo tokkoo isaaniitiif fakkeenya ni kenuu;
 - Itoophiyaa keessatti barmaatilee miidhaa geessisan tokko tokko himuun rakkina isaan geessisanii fi miidhaa isaan geessisan hambisuuf tarkaanfii fudhataman ni ibsu. Maqaa gootota Itoophiyaa tokko tokko dirree hojii isaanii wajjin himuun ga'ee isaan taphatan ibsuu fi isaan hordofuuf fedhii ni horatu.
 - Walitti dhufeenya jirenya hawaasummaa jidduu jiru addaan baasuun ogummoota jirenya hawaasaa wajjin isaan wal qunnamsiisan ni ibsu;
 - Sona hawaasummaa ibsuu fi sona hawaasa ilaalchisuun fakkeenya keenuu ni danda'u;
 - Maalummaa bulchiinsa gaarii himuu fi jirrenya guyyaa guyyaa isaanii irratti fakkeenya kenuu ni danda'u; fakkeenyota hariiroo hawaasummaa wajjin kenuu ni danda'u;
 - Boqonnaa kana keessatti ogummaa qo'annoo saayinsaawaa agarsiisan kanniin akka ilaaluu (daawwachuu), galmeessuu, ramaduu, gaafachuu, safaruu, xinxaaluu, raaguu, daataa hiikuu fi fakkii kaasuu, yaada xumuraa kenuu, wal qunnamuu, moodeela hojjachuu fi walii wajjiin hojjechuuf dandeettii ni horatu.
-
-

■ **Qabxiilee Ijoo**

- Hambaawwan aadaa fi qaroomaa ummata tokkoo dhaloota itti aanuutti darbu marti dabaree seenaa jedhamu. Itoophiyaan yeroo ammaa dabareewwan seenaa sadarkaa addunyaatti beekaman 11 qabdi. Dabareewwan seenaa kunneen bu'aa aadaa ummata Itoophiyaati. Barattoonni dabareewwan seenaa naannoo isaanitti beekaman yoo kunuunsanii fi beeksisan baay'inni dabareewwan seenaa Itoophiyaa sadarkaa addunyaatti beekaman kanaa ol ni dabala.
- Maatiin afaanotaa ummattoota Itoophiyaa horteeawan afur irraa maddan. Isaanis, Kuushiitik, Oomootiik, Naayilootikii fi Seemeetikiidha. Yeroo ammaa horteeawan kun fudhaa fi heerumaan walkeessa makamanii jiru.
- Hawaasni dhimmoota jirenyaa isaanii keessatti isaan muudateef wayita furmaata barbaadanitti tasa furmaata ni argatu. Furmaanni argame kun booda hawaasa maraa biratti ni baratama. Aadaan hawaasa keessatti baratame kun kan faayidaa qabuyookiin miidhaa geessisu ta'uu danda'a.
- Gootota kan jedhaman namoota ogummaa isaanitiin dameewan hojii adda addaa keessatti hirmaachuun biyya isaanii hawaasa addunyaa biratti beeksisinidha. Namoonni kun sadarkaa kana irra gahuuf humnaa fi yeroo isaanii jaalala ogummaa fi biyya isaaniif aarsaa godhaaniiru. Hojii isaanitiin hawaasa isaanii jaalala ogummaa barsiisaniiru. Namoota baay'een gootota kana fakkeenyaa gaarii godhaachuu faana isaanii hordafaniiru.
- Dhalli namaa qunnamtii hawaasummaa uummatee jiraachuu isaatiin beekama. Maatiin, barsiisaa fi barataa, hangafootaa fi hawaasni naannoo fakkeenyota qunnamtii hawaasaati. Sonaawwan hawaasummaa hariiroon hawaasummaa akka cimu taasisu.
- Bulchiinsa gaarii jechuun haala dimookiraatawaa ta'een biyya yookiin dhaabbilee adda addaa sirriitti bulchuudha. Utubaawwan bulchiinsa

gaarii kanneen jedhaman:odeeffannoo walabaa kennuu, iftooma qabaachuu, miira itti-gaafatamummaatiin hojjachuu, olaantummaa seeraa kabajuu, amanamummaa qabaachuu, aangoo seeraan itti fayyadamuu, faayidaa ummataa dursuu, iccitii biyyaa/dhaabbataa eeguu fi fakkeenya gaarii ta'uudha.

■ **4.1 Dabareewwan Seenaa fi Aadaa**

Itoophiyaa

■ **(Wayitii Ramadame: 14)**

- **Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa**
- **Barattootni mata duree kana baratanii erga xumuranii booda:**

- Dabareewwan seenaa Itoophiyaa sadarkaa addunyaatti beekaman kudha tokko ni himu
- Faayidaa dabareewwan seenaa ni ibsu
- Dimshaashatti aadaan haala jirenyaa wajjin kan wal qabate ta'uu ni addeessu;
- Gosoota aadaa tokko tokko ni tarreessu
- Barbaachisummaa kabaja aadaa gara garaa Itoophiyaa keessatti argamanii ni himu.

■ Qophii Duraa

- Kitaaba barataa kutaa kanaa, kitaaba barataa sadarkaa adda addaatiif qophaa'anii, kitaabilee wabii mana kitaabaa, poostaroota adda addaa odeeffannoonaanii barannoo mata duree kanaatiin walqabatu dubbisuun hubannoo keessan cimsadhaa.
- Fakkii, suuraa yookiin moodeela dabareewwan seenaa agarsiisuu fiiddattoo wantoota dhugaa, fakkeenyaaf uffata aadaa sabootaa, meeshaalee amantii, meeshaalee lolaa fa'a walitti qabuun qopheeffadhaa.
- Kaartaa Itoophiyaa naannolee dabareewwan seenaa itti argaman agarsiisaan qopheeffadhaa.

- **Mala Baruu-Barsiisuu**
- Mata duree barannoo “*Dabareewwan seenaa fi Aadaa Itoophiyaa*” jedhu gabatee gurraacha irratti barreessuun yaad-rimee isaa barattootaaf ibsa. Barattoonni bakkeewwan dabareewwan seenaa itti argaman muuziyeemii, masaraa, manneen amantii fa'a deemanii akka daawwatan haala mijeessaa. Wantoonni daawwachaa jiran hundumtuu dabaree seenaa ta'uu isaanii hubachiisa. Yaadannoo isaanii irratti akka barreffatan itti hima. Wantoota daawwatan dareef gabasuun akka irratti mari'atan qajeelchaa. Wayita isaan mari'atan garee irra deemuun hordofuun qajeelchaa.
- Yaadota barattoonni gareen irratti mari'atan dabaree dabareen akka dhiheessan gochuun deebii isaanii gabatee gurraacha irratti barreessaa. Yaadota isaankennankan kitaaba barataa keessatti ibsame wajjin walqabsiisuun waa'ee dabareewwan seenaa fi aadaa Itoophiyaa bal'inaan ibsuun hubachiisaa.
- Fakkii, suuraa, moodeela yookiin wantoota dhugaa meeshaalee dabareewwan seenaa kan mana keessaa, aadaa, amantii fi lolaa qopheeffattanbarattootatti agarsiisaa. Haala aadaa fuudhaa fi heerumaa, gaddaa fi gammachuu, shubbisa, uffannaa saboota Itoophiyaa muraasaa barattootatti agarsiisaa. Agarsiisaa kana keessatti barattoonis akka hirmaatan jajjabeessa.
-
- **Madaallii**

- Gabaasa barreffamaa barattoonni daawwii dirree irratti qopheeffatanii fi daree keessatti dhiheessaniin dandeettii isaaniimadaalaa.
- Gilgaala mata duree kana irratti kennaman hojjechuu isaanii madaaluun hubannoo isaanii mirkaneeffadha.

- **Deebii Gocha 4.1**
- Dabareewwan seenaa beekamoo naannoo isaanitti argamu yoo maqaa dhahan deebiidha.

Deebii Gilgaala 4.1

Deebii Sirrii kenname

1. Dabareewan seenaa Itoophiyaa sadarkaa addunyaatti beekaman:

Siidaawan Aksum	Bataskaana Laallibalaa
Masaroota Faasiil	Gaarren Kaabaa
Dalla Hararii/Jaagool	Teessuma Lafa Koonsoo
Sulula Hawaas Gara Gadii	Sulula Oomoo Gara Gadii
Dhagaa Xiyyaa	Bosona Kafaa
Bosona Yaayyoo	

2. Dabareewan seeanaa Itoophiyaa sadarkaa biyyaatti beekaman sadarkaa addunyaatti akka beekaman-kunuunsuu, dhaabbata beekamtii kennutti dhiyeessuu, beksiisuu, nageenya naannoo mirkaneessuu, tajaajila hawaasummaa babal'isuu fa'a.

- ***Maatii Afaanotaa(Wayitii Ramadame: 7)***
- ***Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa***
- ***Barattootnimataduree kana baratanii erga xumuranii***

booda:

- Maatiwwan afaanota Itoophiyaa ni tarreessu;
- Tokkoo tokkoo maatiwwan afaaniitiif fakkeenya ni kenuu.

▪ **Qophii Duraa**

- Kitaaba barataa kutaa kanaa, kitaaba barataa sadarkaa barnootaa garagaraatiif qophaa'ee, poostarootaa fi kitaabilee wabii mata duree kanaibsan dabalataan dubbisaa.
- Kaartaa Itoophiyaa faca'insa maatiwwan afaanota Itoophiyaa agarsiisu qopheeffadhaa.
- Filaash kaardii afur kan maatiwwann afaanotaa irratti barraa'ee fi kaardota kanneen kan maqaan sabootaa irratti barraa'ee qopheeffadhaa.

▪ **Mala Baruu-Barsiisuu**

- Mata duree barannoo, “*Maatilee Afaanii*” jedhu gabatee gurracha irratti barreessaa.Gaaffii marii mata duree barannoo kana jala jiran barattoonni gareen irratti akka mari'atan godhaa.Barattoota hundinuu hirmaachuu isaanii mirkaneeffadhaa.Itti aansuun kaardota qopheeffattanmaatiwwan afaanotaa fi saboota akka walitti firoomsan barattootaaf qoodaa.Akkaataa itti hoijjetan fakkeenya tokko itti himaa.Dhuma irratti afaanota hawaasni naannoo yookiin barattoonni dubbatan maatilee afaanii kam keessatti akka ramadamu barattootatti hima.Faca'insa isaanii kaartaa Itoophiyaa maatiwwan afaanotaa agarsiisu irraa barattootatti agarsiisaa.
- Xumura irratti maatileen afaanii ummata Itoophiyaa afur akka ta'anii fi isaanis: Kuushiiik, Oomootiik, Naayilootiikii fi Seemeetiik ta'uu barattoonni akka qayyabatan gochuun goolabaa.

▪ **Madaallii**

- Filaash-kaardota maatiwwan afaanotaa fi sabootaa qaban sirriitti walitti firoomsuu isaanii madaalaa.
- Hirmaanna isaan marii garee keessatti taasisaanii fi gilgaalota kennaman hojjechuu isaanii hordofuun madaaluun hubannoo isaanii mirkaneeffadha.

■

■

- **Barmaatilee Aadaa**(Wayitii Ramadame: 3)
- *Gahuumsa Barachuu Isa Xiqqaa*
- *Barattootni mata duree kana baratanii erga xumuranii booda:*

- Barmaatilee miidhaa geessisan kanniin Itoophiyaa keessatti argaman addaan ni baafatu;
- Rakkoolee barmaatilee miidhaa geessisan fidan ibsuu fi tarkaaniwwan rakkoolee kana habmisuuf fudhatamuu qaban ni himu;
- Itoophiyaa keessatti beekumsa aadaa irraa maddanii fi faayida qabeessa ta'an tokko tokko addaan ni baafatu.

- **Qophii Duraa**

- Kitaaba barataa kutaa kanaa, kitaaba barataa sadarkaa barnootaa garagaraatiif qophaa'ee, poostaroota fi kitaabilee wabii mata duree kana ibsan dabalataan dubbisaa.
- Fakkii, suuraa yookiin moodeelaa fi chaartii qopheeffadhaa.
- Barattoota barmaatilee miidhaa geessisan irratti gahee taphachuu danda'an filuun akka shaakalanii qophaa'aan haala mijeessaa.

- **Mala Baruu-Barsiisuu**

- Mata duree barannoo "**Barmaatilee**" jedhu gabatee gurraacha irratti barreessaa. Barmaatilee miidhaa geessisanii fi naannoo barattootaatti beekaman barattooni akka ibsan dabaree dabareen gaafadha. Yaadota barattooni kennangabatee gurraacha irratti barreessaa. Yaadota barattooni kennandabalataan kan naannoo biraa keessatti beekaman itti dabaluun barmaatilee miidhaa geessisan maal akka ta'an hubachiisa. Yaada furmaataa barmaatilee miidhaa geessisan kanneen hambisuuf oolan barattooni akka ibsan gaafadha.
- **Gochaa 4.2**
- kitaaba barataa irratti kenname barattooni odeeffannoowwan barbaachisaa ta'an gaafachuun qindeeffatanii akka wal falman

taasisaa.Xumura irratti qophii barmaatilee miidhaa geessisanii fi faayidaa qabeessa ta'an irratti shaakalan dareef akka dhiheessan taasisaa.Yaadota kitaaba barataa keessatti ibsaman bal'inaan ibsuun barannoo goolaba.

■ **Madaallii**

1. Fakkeenya barteeewan faayidaa qabanii sadii fi miidhaa geessisanii shan tarreessi.
2. Barteeewan miidhaa geessisan caalaatti qaama hawaasaa kam miidhu?

gaaffileejedhaman gaafadhaatii hubannoo barattootaa madaaluun mirkaneeffadha.

■

■ **Deebii Gocha 4.2.**

- Deebii falmii 1ffaa: Aadaa hawaasarraa burqa isa jedhutu sirriidha.
- Deebii falmii 2ffaa: Seerri ittiin bulmaataa kan hawaasa sanaa qofa ta'a isa jedhutu sirriidha.

■ **Gootota Itoophiyaa(Wayitii Ramadame: 6)**

■ **Gahuumsa Barachuu Isa Xiqqaa**

■ **Barattootni mata duree kana baratanii erga xumuranii booda:**

- maqaa gootota Itoophiyaa fi dirreewanisaan irratti beekaman wajjin ni himu.
- gumaacha gootonni direewan adda addaa irratti taasisaan ni ibsu
- faana gootota Itoophiyaa hordofuuf ni murteeffatu
- gara fuulduraa goota jedhamuuf har'a maal gochuu akka qaban ni himu.

■ **Qophii Duraa**

- Kitaaba barataa kutaa kanaa, kitaaba barataa sadarkaa adda addaatiif qophaa'anii, kitaabilee wabii mana kitaabaa, poostarootaa fi barruulee adda addaa odeeaffannoonaanisaanii barannoo mata duree kanaatiin walqabatu dubbisuun hubannoo keessan cimsadhaa.
- Fakkii, suuraa yookiin moodeela gootota Itoophiyaa agarsiisu qopheeffadhaa.
- Barattoonni seenaa gootota beekamoo hawaasa naannoo isaanii gaaffachuuun gabaasa barreeffamaa akka qopheeffatan itti himaa.

■ **Mala Baruu-Barsiisuu**

- Mata duree barannoo “**Gootota Itoophiyaa**” jedhu gabatee gurraacha irratti barreessaa.Gaaffii marii mata duree barannoo kana jalatti kennaman barattooni gareen irratti akka mari’atan godhaa.Wayita isaan mari’atan garee irra deemuun hordofuunqajeelchaa. Barattooni hundinuu hirmaachuu isaanii mirkaneeffadha.Yaadota barattooni gareen irratti mari’atan dabaree dabareen gaafadhaatii deebii isaanii gabatee gurraacha irratti barreessaa. Dabalataan waa’ee gootota Itoophiyaa dameewwan hojii adda addaa irratti beekaman fakkeenyaa maqaa isaanii kaasuun hojii ittiin beekaman ibsuufiin hubannoo akka argatan gargaaraa.
- Fakkii, suuraa yookiin moodeela gootota Itoophiyaa itti agarsiisaa barattootaa ibsaafii.Barreeffama seenaa namoota beekamoo daree keessatti barattootaaf dubbisaa.Barattooni gabaasa barreeffamaa seenaa gootota beekamoo qopheeffatan akka dhiheessan haala mijeessaa. Kana booda barattoonis gara fuulduraatti ogummaa kamiin goota ta’uu akka barbaadaniifi kana ta’uufis amma maal gochuu akka qaban barreeffamaan dareef akka dhiheessan qajeelchaa.
-
- **Madaallii**

- Gabaasa barattooni gootota Itoophiyaa irratti qopheeffatanii figilgaala 4.4 hojjisiisuun dandeettii barachuu barattootaa madaaluun hubannoo isaanii mirkaneeffadha.

- **Deebii Gocha 4.6**
- Gootota kunuunsa naannoona beekamoo ta’aanii naannoisaaniitti beekaman barreessanii yoo dhiheessan deebii ta’.
-
- **Deeii Gocha 4.7**
- Barattooni maaliin goota akka ta’uu fedhaniifi kana ta’uuf ammoo amma maal gochuu akka qaban yoo barreessan deebii ta’.
-
-

■

■

-
-
-

4.2 Walitti Dhufeenyaa Hawaasummaa fi

Sonaawwan Hawaasa

- **(Wayitii Ramadame: 15)**
- *Gahuumsa Barachuu Isa Xiqqaa*
- *Barattootni mataduree kana baratanii erga xumuranii booda:*

- Walitti dhufeenyaa hawaasummaa beekamoo addaan ni baafatu;
- Fedhii gamtaan hojjechuu, hojii jaalachuu fi kabajuu qaban gochaan ni agarsiisu
- Ogummaa ofiitti amanuu fi wal qunnamtii waliin wajjiin horatan hojiin ni agarsiisu
- Sonaawwan hawaasummaa akkaataa hawaasaa faayidaa kennaniin ni ibsu
- Tokkoo tokkoon sonaawwan hawaasummaatiif fakkeenya kennuu ni danda'u
- Bulchiinsa gaarii jechuun maal akka ta'e ni himu
- Jirenya isaanii kan guyyaa guyyaa keessattiif fi mana barnootaa isaanii keessatti fakkeenya bulchiinsa gaarii kennuu ni danda'u.

▪ **Qophii Duraa**

- Kitaaba barataa kutaa kanaa, kitaaba barataa sadarkaa adda addaatiif qophaa'ee fi kitaabilee wabii mata duree kana ibsuu danda'an dabalataan dubbisuun hubannoo keessan cimsadhaa.
- Fakkii, suuraa yookiin moodeela hariiroo hawasummaa agarsiisu qopheeffadha.
- Bulchiinsa gaarii irratti barattoota gahee taphatan qopheeffadhaa.
- Namoota bulchiinsa gaarii irratti hubannoo qaban affeeraa.

-

▪ **Mala Baruu-Barsiisuu**

- Barattoonni dareedhaa gadi bahanii dhaabbilee mootummaa fi miti-mootummaa tajaajila hawaasaa kennankan naannoo isaanii akka

daawwatan haala mijeessaa. Waan dhaabbilee kanneen keessatti argan yookiin yaada namoota gaaffataniargatan hunda yaadannoo isaamii irratti akka barrefatani dareetti gabaasa dhiheessan taasisaa.

- Barattoonni daawwii dirree xumuranii wayita dareetti deebi'an gaaffilee marii mata duree hariisoo hawaasummaa fi sona jedhu jala jiran daawwii dirree wajjin wal qabsiisanii daqiqaa muraasaaf akka irratti mari'atan taasisaa. Wayita barattoonni marii gaggeessan garee irra deemuun qajeelchaa, Hirmaannaanbarattoota hundaa jiraachuu mirkaneeffadha. Barattoonni garee jahatti qoodamanii gahee taphachuun hariiroo hawaasummaa jahn akka agarsiisan qajeelchaa. Xumura irratti yaadota barattoonni kennandabalataan kan kitaaba barataa keessatti ibsamaniin walqabsiisuun waa'ee walitti dhufeenyaa hawaasaa fi sona hawaasu-mmaa akkasumas bulchiinsa gaarii irratti ibsa bal'aa kennaafi. Barattoonni waa'ee bulchiinsa gaarii irratti gahee taphatan akka dhiyeessan godhaa. Bulchiinsa gaarii irratti ogeessa affeeroon baranoota dabalataa akka kenu gochuun goolabaa.

- **Madaallii**

- **Gaaffilee:**

- Fakkeenya hariiroo hawaasummaa ta'an afur tarreessi.
- Wantoota hariiroo hawaasummaa tokko kan biraa irraa adda godhaan ibsi.
- Barattoonni jireenya hawaasummaa shaakaluu kan eegalan eessatti? Jechuun gaafachuun hubannoo barattootaa madaaluun mirkaneeffadha.

- **Deebii Gocha 4.8**

- Barattoonni garee jahatti qoodamanii hariiroo hawaasummaa jahan irratti gahee yoo taphatan deebii dha.

Deebii Gilgaala 4.4

Deebii Sirrii kenname

1. Fakkeenya hariiroo hawaasummaa:
 - Abbaa warraa fi haadha warraa
 - Daa’imaa fi hiriyaan isaa/ishee
 - Hangafootaa fi hawaasa naannoo
 - Maatii fi ijoollee
 - Barsiisaa fi barataa
 - Hojjataa fi hojjachiisaa
2. Wantoota hariiroo hawaasummaa gargar baasu:
 - Kaayyoo isaanii
 - baay’ina miseensaa fi
 - Seera hariiroo hawaasummaa bulchuudha
3. Barattooni jireenya hawaasummaa shaakaluu kan eegalan eessatti?
 - Mana jirreenyaa
 - Hawaasa naannoo
 - Mana barumsaa isaanii keessattifa’aa.

- **Sonawwan Hawaasummaa**
- **[Wayitii 5]**
- **Gahumsa Barachuu isa xiqqaa**

- **Barattoonni adeemsaafi xumura barnoota mata duree kanatti:-**

- Sonawwan hawaasummaa ni ibsu.
- Faayidaa sonawwan hawaasummaa ni tarreessu.
- Sonawwan hawaasummaa hariiroo hawaasummaa cimsan ni ibsu.

- **Qophii Duraa**

- Kitaaba barataa kutaa kanaa, kitaaba, kitaaba barataa sadarkaa adda addaatiif qophaa'aniif fi kitaabilee wabii mana kitaabaa odeeffannoonaan isaanii barnnoo mata duree kanaatiin walqabatu dabalataan dubbisaa.
- Barattoonni sonawwan hawaasummaa hawaasa naannoo isaanii gaafachuun gabaasa barreffamaa akka qopheeffatan itti himaa.

- **Mala Baruu-Barsiisuu**

- Mata duree barannoo "Sonawwan Hawaasummaa" jedhu gabatee gurracha irratti barreessaa. Gaaffii marii mata duree barannoo kana jalatti kennaman barattoonni gareen akka irratti mari'atan taasisaa. Wayita isaan mari'atan irra deemuun hordofuun qajeelchaa. Barattoonni hundinuu hirmaachuu isaanii mirkaneeffadha. Qabxiilee barattoonni gareen irratti mari'atan dabaree dabareedhaan gaafadhaatii deebii isaanii gabatee gurraacha irratti barreessaa. Dabalataan waa'ee sonawwan hawaasummaa ibsaa fi fakkeenyaa kennuudhaan barattoonni hubannoo akka argatan gargaaraa. Barattoonis haawaasa naannoo gaafachuun sonawwan hawaasummaa irratti barreffama dareef akka dhiheessan haala mijeessaa.

- **Madaallii**

- Barattoonni sonawwan hawaasummaa ibsuu isaanii madaali.
- Barattoonni faayidaa sonawwan hawaasummaa tarreessuu isaanii madaali.
- Barattoonni sonawwan hawaasummaa hariiroo hawaasummaa cimsan tarreessuu isaanii madaali.

- **Bulchiinsa Gaarii**

- **Wayitii Ramadame 6**

- **Gahumsa Barachuu isa Xiqqaa**
- **Barattoonni adeemsaafi xumura barnoota mata duree kanaatti:**

- Bulchiinsa gaarii jechuun maal akka ta'e ni himu.
- Utubawwan bu'uuraa bulchiinsa gaarii ni tarreessu.
- Jireenya isaanii kan guyyu keessattiifi mana barnootaa isaanii keessatti bulchiinsa gaarii jiru fakkeenya kennuun ni ibsu.

-
-
-

- **Qophii Duraa**

- Kitaaba barataa kutaa kanaa, kitaaba barataa sadarkaa adda addaatiif qophaa'eefi kitaabilee wabii mata duree kana ibsan dabalataan dubbisuun hubannoo keessan cimsadha.
- Meeshaalee deggersa barnootaa barannoo mata duree kanaa qabatamaa taasisuu danda'an qopheeffadhaa.

- **Mala Baruu-Barsiisuu**

- Mata duree barannoo "Bulchiinsa Gaarii" jedhu gabatee gurraacha irratti barreessaa. Barattoota garee gareetti quoduudhaan, maalummaa bulchiinsa gaarii fi haala inni ittiin mirkana'uu danda'u irratti mari'achiisaa. Wayita barattoonni marii garee gaggeessan gareerra deemuun qajeelchaa. Waan barattoonni gareen mari'atan dabaree dabareen gaafadhaa. Yaada barattoonni kennanis gabatee gurraacharratti barreessaa. Sana booda, barattoonni maalummaa bulchiinsa gaarii fi haala inni ittiin mirkana'uu, qaamolee bulchiinsa ganda isaanii gaafachuun baroeffamaan dareef akka dubbisuun qajeelchaa. Dhumarratti, yaada waliigalaa kitaaba barataa keessa jiru yaada barattoonni kaasan wajjiin wal bira qabuun bal'inaan ibsudhaan hubachisaa.

- **Madaallii**

- Gaaffilee gilgaalaa fi gochaa mata duree kana jalatti kennaman hojjechuu isaaniifi hirmaannaa isaan marii garee keessatti taasisan hordofuun madaalatii hubannoo isaanii mirkaneeffadhaa.

- **Deebii Gocha 4.8**

- Bulchiinsa gaarii jechuun haala dimokiratawa ta'een, biyyaa fi dhaabbilee adda addaa haqaan hogganuu dha. Kan inni ittiin mirkana'uu ammoo:

- Iftoomina qabaachuu
- Itti gaafatamummaan hojjechuu
- Olaantummaa seeraa kabajuu
- Biyyaaf amanamummaa qabaachuu
- Aangoo seeraan itti fayyadamu
- Faayidaa uummataa dursuu
- Iciitii biyyaa eeguu fa'a yoo jedhe deebiidha.

- **Deebii Gilgaala 4.4**

- 1 Haala dimoktarawaa ta'een, biyyaafi dhaabbilee haqaan hogganuu
 - 2 Olaantummaa seeraa kabajuu
 - Iftoomina qabaachuu
 - Faayidaa uummataa dursuu
 - Aangoo seeraan itti fayyadamu
 - Itti gaafatamummaan hojjechuu fa'a.
 - 3 A. Ministeera Barnootaa
 - Ministeera Eegumsa Biyyaa
 - Ministeera Daldalaa fi Industirii
 - Ministeera Qonnaa fa'i.
 - B. Biiroo Barnootaa, Biiroo Eegumsa Fayyaa, Biiroo Daldalaa fi Industirii
 - Biiroo Misooma Qonnaa, Biiroo Aadaa fi Tuurizimii fa'i.
 - C Waajjira Barnootaa
 - Waajjira Eegumsa Fayyaa
 - Waajjira Misooma Qonnaa
 - Waajjira Aadaa fi Tuurizimii fa'i.
 - **Deebii Gilgalaa Xumuraa**
- I. Dhugaa ykn Soba

- | | | | |
|-----|----------|---|--------|
| 1 | Dhugaa | 4 | Soba |
| 2 | Dhugaa | 5 | Dhugaa |
| 3 | Soba | 6 | Soba |
| II. | Filannoo | 3 | C |
| 1 | D | 4 | C |
| 2 | B | 5 | A |

Deebii Gilgaala 4.7***Dhugaa yookiin Soba Filannoo***

- | | |
|-----------|------|
| 1. Dhugaa | 1. D |
| 2. Dhugaa | 2. B |
| 3. Soba | 3. C |
| 4. Soba | 4. B |
| 5. Dhugaa | 5. A |
| 6. Soba | |